



BARIISAA



Bara - 46 Lak. 25 Bariisaa Adoolessa 22, Bara 2015

Sanbataa

(July 29, 2023) Qar. 10.00



Doktar Abiyi Ahmadiifi Vilaadmiir Putiin

“Itoophiyaafi Ruusiyaan biyyoota bu’aa ba’ii hedduu keessa waliin darbaniidha”

- Abiyi Ahmad (PhD) Ministira Muummee Itoophiyaa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Yaa’ii Afrikaa-Ruusiya magaalaa seena qabeettii Ruusiya ‘Saint Petersburg’tti taa’amaa jirutti kan hirmaatan

Doktar Abiyi, “Yeroo jalqabaatiif magaalaa kana dhufus Itoophiyaafi Ruusiyaan biyyoota seenaa walfakkaatuufi bu’aa ba’ii hedduu keessa waliin darbuusaanii bareecheen beeka,” jechuun galmee seenaa caqasuun obbolummaa biyyoota lameenii yaadachiisan.

Dhimmoota waloo biyyoota lameenii, teknolojii, nageenya saayibarii, walgargaarsa dinagdeefi daldalaa ilaalchisee Pirezidaantii Ruusiya Vilaadmiir Putiin waliin marii bu’aaqabeessas taasisaniiru.

Gara fuula 14tti

Omisha ruuzii wabii nyaataa mirkaneessuurra darbee alergiif abdatame

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Inisheetiivii misooma ruuzii hojiitti hiikamaa jiru wabii midhaan nyaataa mirkaneessuurra darbee alergiif abdachiisaa ta’aa dhufeera. Biyyi keenya kanaan dura akkuma meeshaalee biroo qamadii alaa galchaa turtus hojii cimaa hojjetameen yeroo gabaabaa keessatti qamadii alatti erguun seenaa hojjetetti.

Tibbana Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa naannichatti sadarkaa inisheetiivii misooma ruuzii godina Buunoo Baddallee aanaa Baddalleetti wayita jalqabsiisan kanuma ibsan. Daawwannaan omisha ruuzii godina Iluu Abbaaboor aanaa Daarimuu jila Hogganaa Biiroo Qonnaa Obbo Geetuu Gammachuun durfamuus kanuma mirkanessa.

Jalqabarratti omishaafi omishtummaa dabaluun wabii midhaan nyaataa mirkaneessuun xiyyeeffannoo mootummaa isa jalqabaa yommuu ta’u, wantoota alaa galan biyya keessatti omishuun ammoo xiyyeeffannaa isa lammataa ta’uu kan ibsan



Jalqabbii inisheetiivii misooma ruuzii Buunoo Beddellee

Obbo Shimallis, qamadiin kanaan dura alarraa galaa ture hafee alatti erguun akkuma danda’ame fedhii ruuzii biyyattiin qabdu

guutuun alatti erguuf hojjetamaa jiraachuu dubbataniiru.

Gara fuula 14tti

ethio telecom Maamiltoota Dhuunfaatiif

Hir’itama % 31 Hanga

Tajaajila Intarneeetaa Abbaa Wadaroo

Kaffaltiii Qofaaf Miti ...



“Sagantaan ashaaraa magariisaa biqiloota bosonaafi margarratti xiyyeeffachuu qaba”

-Obbo Dachaasaa Jiruu

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Sagantaan ashaaraa magariisaa gara fuulduraatti biqiloota bosonaafi margarratti xiyyeeffachuu qaba jechuun qorataan bosonaa Obbo Dachaasaa Jiruu beeksisan.

Qorataan kun ibsa addatti Dhaabbata Piresii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, sagantaan ashaaraa magariisaa sadarkaa biyyaatti gaggeeffamaa jiru biqiloota bosonaafi margarratti yoo xiyyeeffatame bu’aansaa daran dabala. Biqilooti baadiyyaafi

Gara fuula 13tti

ODUU

Rakkoon dhiyeessii xaa'oo akka furamuuf qonnaan bultoonni gaafatan

Waaqshuum Fiqaduutiin

Finfinnee: Rakkoon dhiyeessii xaa'oon walqabatu furamuufii akka qabu qonnaan bultoonni godinaalee Buunnoo Baddallefi Iluu Abbaaboor gaafatan.

Qonnaan bultoonni kunneen addatti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, mootummaan xaa'oo isaaniif dhiyeessaa jiraatus fedhiifi dhiyeessiin waan walhinsimneef baasii guddaaf saaxilamaniiru.

Qonnaan bula Abdurraamaan Yesuuf jiraataa Godina Buunnoo Baddallee aanaa Baddallee ganda Qoolloo Sirrii yommuu ta'an dhiyeessii xaa'oorratti hanqinni bal'aan jiraachuu ibsu. Gandisaanii omishaafi omishtummaan beekamtus hanqina xaa'orraa kan ka'e hangaa gad omishaa jiraachuu dubbatanii, xaa'oon alatti akka omishamuufi baasii olaanaan akka galu beekanis faddaaltotarraa gatii qaaliin bituuf dirqamuunsanii beekamuufii akka qabu yaadachiisaniiru.

Lafa bal'aa qabanirratti ruuzii dabalatee omishaalee garagaraa bal'inaan omishuuf fedhii guddaa qabaachuu ibsanii, ta'us sababa hanqina xaa'oofi tiraakteera dhabuun fedhiinsanii gar malee daangeffamuu ibsu. Hanga humnisaanii danda'e qonnaan



Obbo Abdurraamaan Yesuuf

bultoota biroo waliin gurmaa'anii qotiyoon dabaree waliif qotaa jiraachuufi waan qaban gurgurani xaa'oo gatii qaaliin faddaalaarraa bitaa jiraachuu dubbatu.

Qonnaan bulaan gandichaa biroon Obbo Xa'aa Hajii gamasaaniin, hubannoo gama mootummaan uumameen omishtummaa guddisuuf dorgommii jabaa keessa galuu himanii, lafa hektaara tokkorraa omisha olaanaa argachuun dursa qabachuuf kunuusa omishaaleerratti xiyyeeffannaan hojjechaa jiraachuu ibsaniiru.

Omisha olaanaa argachuun kunuusa qofa osoo hintaane xaa'oon daran barbaachisaa ta'uu kaasanii, qonnaan bulaan rakkoo dhiyeessii



Obbo Xa'aa Hajii

xaa'oo kan furu taanaan jireenyasaanii fooyyessuurra darbee gabaafuu omisha ga'aa dhiyeessuuf qophii ta'uu dubbataniiru.

Hogganaan Biiroo Qonna Oromiyaa Obbo Geetuu Gammachuu wayita omisha ruuzii godina Iluu Abbaaboor daawwatan haasaa taasisaniin, mootummaan seektara qonnaaf xiyyeeffannoo addaa kennuu eeranii; komii gama dhiyeessiin jiru dhawataan furuuf hojjetamaa akka jirus ibsaniiru. Hojii qonnaa kana cimsuufis godina Iluu Abbaabooritti waajjiira qonnaa ganda Beennaa Iffaaf konkolaataa, bishikiliita mootaraafi maashina ruuzii calleessu yeroo dhiyootti dhiyeessuuf waadaa galuunsanii ni yaadatama.



Obbo Girmaa Baay'isaa

Gandoota baadiyyaa Oromiyaa hundatti manneen barnoota Bu'uura Boruu ijaaramuufi

Taammiruu Raggasaatiin

Finfinnee: Naannoon Oromiyaa bara bajataa 2016tti gandoota baadiyyaa hundatti keessatti Manneen Barnoota Bu'uura Boruu ijaaruuf akka ta'e Biiroo Barnoota Oromiyaa beeksise.

Hogganaa ittaanaa biirichaa Obbo Girmaa Baay'isaa ibsa addatti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, naannichi bara bajataa kanatti hirmaannaa ummataatiin manneen barnootaa bu'uura boruu 4574 ijaaruuf karoofatee socho'aa jira. Hanga ammaattis manneen barnoota akka ijaaramaniif karoofaman keessaa dhibbantaan 12 ijaarsisani eegalameera.

Bara 2010 irraa eegalee qorannoo manneen barnootaa 6000 irratti taasifameen haalli mana barumsaa sababoota qulqullina barnootaa gadibuusa keessaa isa guddaa ta'uu ifatti baruun dannda'ameera jedhan.

Kanamalees qorannoo taasifameen baadiyyaatti dhabamuun manneen barnoota bu'uura boruu sababoota rakkoo qulqullina barnootaa keessaa isa tokko akka ta'e adda ba'uus eeraniiru.

Akka ibsa Obbo Girmaatti, ijoolleen osoo mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa hingaliin mana barumsaa bu'uura boruutti yoo baratan salphaadhumatti waan baratan hubachuu danda'u. Kana yaada keessa galchuun manneen barnootaa bu'uura boruu baadiyyaa iddoowwan hundatti hawaasa qonnaan bulaas ta'e horsiise bula biratti waliin gahuuf xiyyeeffannoo addaatiin hojjetamaa jira.

Qorannoo kana bu'uura godhachuun bara 2013 akka naannootti manneen barnoota bu'uura boruu waliin gahuufi kanneen jiran immoo sadarkaasaniif fooyyessuf duulatti galame. Kanarraa ka'uun baruma kana hirmaannaa ummataatiin daree dabalataa kuma 30 ijaaruuf karoofamee, dareewwan kuma 34 qarshii biliyoona shaniin ijaaruun danda'ameera jedhan.

Bara 2014ttis manneen barnootaa bu'uura boruu 3100 naannichatti hirmaannaa ummataa qofaan ijaaramaniiru.

Haaluma walfakkaatun bara 2015ttis manneen barnoota bu'uura boruu 6081 hirmaannaa ummataatiin kan ijaaraman yommuu ta'u, manneen barnootaa ijaaraman kunniin sadarkaasaniif kan eeggataniifi meeshaalee baruun barsiisuuf gargaaran hunda kan guuttataniidha jedhan.

Manneen barnootaa hamma kanaa ijaaruun milkaa'ina guddaadha kan jedhan Obbo Girmaan, naannichatti dhaloota barsiisuun ajandaa mootummaafi nama dhuunfaa ta'uunsaa iccitiin milkaa'ina biirichaati jedhan.

Kanamalees rakkinoota adeemsa baruufi barsiisuu keessa jiran furuuf qorannoofi qo'annootti iccitiin milkaa'ina biirichaa isa lammaffaa ta'uus ibsaniiru.

Sochii ijaarsa manneen barnootaaf taasifamuu keessatti hirmaannaan hawwaasaa, kan abootii Gadaafi kan abbootii qabeenyaa daran dabalaa akka jirus ceraniiru.

Bulchiinsi Magaalaa Bishooftuu waggaatti cuuciiwwan miliyoona 12 ni dhiyeessa

- Investimantiwwan turizimiifis xiyyeeffannaa kenneera

Riippoortara Gaazexichaatiin

Bishooftuu: Bulchiinsi Magaalaa Bishooftuu wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf dandeettii waggaatti cuuciiwwan miliyoona 12 gabaaf dhiyeessuu uumuu beeksise. Galii guddifachuufis investimantiwwan hawwata turistiitiif xiyyeeffannaa olaanaa kennuus ibse.

Kantiibaan magaalattii Obbo Alamaayyoo Asaffaa ibsa dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, bulchiinsichi kallattii misoomaa waggoota 10 qopheessee hojjechaa kan jiru yoo ta'u, dandeettii waggaatti cuuciiwwan miliyoona 12 gabaaf dhiyeessuu uumeera.

Gama lukkuuwwan fooniifi hanqaaquu horsiisuutiinis hojjiilee abdachiisoon raawwatamaa jiraachuu kaasanii, omisha aannaniitiifis xiyyeeffannaan addaa kennamuufi omishni magaalaa Finfinneefi magaalota kaaniif ta'uu omishamaa jiraachuu himu. Hojjiileen kunniinis kilaastaraan adeemsifamaa akka jiranis eeraniiru.

Gama galiitiinis galiin magaalattii haala olaanaadhaan akka guddatuuf kan karoofame ta'uu kan ibsan kantiibichi, karoora waggoota kudhanii keessaa kan waggaa tokko keessatti hojjechuuf qabame



Obbo Alamaayyoo Asaffaa

haala gaariidhaan milkaa'uu dubbataniiru.

Bulchiinsi magaalattii bara bajataa 2015tti galii qarshii biliyoona 3.4 kan argate yoo ta'u, kan bardheengaddaa yeroo walfakkaataa biliyoona 1.4 akka ture yaadachiisaniiru. Kan bara bajataa xumuramee daran olaanaa ta'uu himanii, galii kana keessaa harki caalaan damee hoteelaafi turizimiirraa kan argame ta'uus

Obbo Alamaayyoon dubbataniiru.


Misooma magaalattii si'eessuufi galiishii darbees investimantiif babal'isuu maddiitti hojjiilee wabii nyaataa mirkaneessuurratti raawwatameefi raawwatamaa jiraniin bu'aa abdachiisaan galmaa'aa jiraachuu beeksisaniiru.

Akka ibsa kantiibichaatti, ammaan tana magaalattiitti investimantiwwan kuma tokkoofi 600 raawwatamaa kan jiran yoo ta'u, misoomsiitoonni hoteelaafi turizimii magaalattiin ittiin beekamturratti bobba'anii hojjechaa jiran baay'eedha.

Bishooftuun magaalaa industirii ta'uushiitti dabalee qalbii turistootaa kan hawwatuufi galii olaanaa maddisiisaa jiraachuu eeranii, ammaan tana riizooritiwwan 18 magaalattiitti akka argamaniifi lammiilee hedduuf carraa hojii uumuufi bulchiinsichaafis galii olaanaa argamsiisaa akka jiran addeessaniiru.

Kanumarraa ka'uun bulchiinsi magaalattii hojmaatawwaniifi bu'uuraalee misoomaa qalbii daaw'attoota harkisan kan guutu ta'uu ibsanii, abbootii qabeenyaa haala magaalattii miidhagsaniifi misoomsaniif qarqara haroowwaniitti iddoowwan investimantiif qophaa'uus kantiibichi beeksisaniiru.

Ijoo Dubbii



Sirna kenniinsa qormaataa cimee ittifufuu qabu

Biyya keenyatti keessumaa qormaata biyyaalessaa kutaa 12ffaa haala sirnaafi naamusasaa eeggateen kennuun matumasaatiin qormaata olaanaa ture. Sababuma kanaan hanna dabalatee alseerummaawwan adda addaa teknolojiidhaan deggaraman bal'inaan raawwatamaa turaniiru.

Gocha badaa kanaan dhaloonni qaroon hedduu, maatiin akkasumas biyyi miidhaawwan adda addaatiif saaxilamaniiru.

Dhimma kana gadifageenyaan kan hubate mootummaan jijjiiramaa gocha alseerummaa qormaata kutaa 12ffaa irratti akka biyyaatti mul'atu sirreessuuf tarkaanfiiwwan adda addaa fudhachuutti seene, keessumaa bara 2014 irraa eegalee. Kanaan qormaatiichi yunivarsiitiwwan mootummaa qofatti akka kennamu ta'e. Mootummaan dhimma kanarratti karaa Ministeera Barnootaa gara hojii qabatamaatti gale.

Haala kenniinsa qormaata bardheengaddaarraa kaasee barana yeroo lammaffaaf kennamaa jirurratti yaadonni ijaarooti onnachiisoon adda addaa kennamaa turaniiru, jirus.

Qormaanni biyyaalessaa kutaa 12ffaa haala kanaan hundaaf qixa, haqaqabeessaafi qaqqabummaa qabuun kennamuun pirotokolii yeroon gaafatuudha. Biyya guddisuufis ta'e quucarsuuf barnoonni qooda leencaafi murteessaa qaba.

Mootummaan baasii olaanaa ramaduudhaan qormaatiichi dhaabbilee barnootaa olaanaatti akka kennamu taasisuunsaa mataansaa dhalootaaf hammam yaadaa akka jiruufi guddina biyyaatiif dhiphachaa jiraachuu kan agarsiisuudha.

Milkaa'inni damee barnootaarratti hawwamu guutummaatti akka dhufuufis sadarkaa dakaarraa kaasee bu'uurarratti xiyyeeffannaan hojjetamuu qaba. Barataan qormaata hatee darbe baratichuma mataasaatiif, maatiif, ummataaf darbees biyyaaf hinfayyadu.

Hanna mana barnootaatti amaleeffatee baheen boru maatiisaa, bultiisaa, naannawasaa, ummataafi biyyasaa hata. Adeemsa toorasaa gadilakkisee biyya miidheefi miidhaa jiru kana sirreessuuf tarkaanfiin mootummaan fudhate barsiisaafi daran murteessaadha.

Kanaan walqabatee bardheengaddaa adeemsichi haaraa ta'uurraa kan ka'e barattootaafi maatii biratti naasuu, sodaafi kkfn uumamee ture. Darbee darbees barattoota biraa haala to'annoo cimaa kana keessatti hinqoramuufaa kan jedhan mudatanii turan.


Kan baranaatiif muuxannoo darbe qindeessuudhaan waan ittideemameef qormaatiichi haala fooyya'ina qabuun kennamaa, barattoonnis fudhachaa jiru. Kanaafis Ministeerri Barnootaa galateeffatamuu qaba; keessumaa barana qormaatawwan riimeediyaaliifi bahiinsaa maddiitti kan kutaa 12ffaa kana marsaa lammaffaaf barattoota kuma 868f Adoolessa 19 hanga 21 akkasumas Adoolessa 25 hanga 28 bara 2015tti marsaa lamaan kennuun milkeeffataa waan jiruuf.

Kanaaf adeemsi kenniinsa qormaataa tokko, lama jedheefi sadarkaa barnootaa daka eegalee dadammaqinaafi ofitti amanamummaa uumaa jiru kun sirna ta'ee, imaammataafi seeraan utubamee cimee ittifufuu qaba. Barattoonnis waan facaasan haammachuuf of qopheessuu qabu.

Yaada



Manneen barnootaa itti baranne haa haareessinu



Diizaayinii manneen barnootaa haareeffamanii

Manneen barnootaa itti baranne haa mil'annu

Saamraawit Girmaatiin

Akka biyyaatti manneen barnootaa sadarkaa idileen duraa, tokkoffaa, lammaffaafi dhaabbilee olaano dabalatee manneen barnootaa kummi 50 ol akka jiran ragaan Ministeera Barnootaa irraa argame ni mul'isa. Kanneen keessaa manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaafi giddugaleessaa %86 ol, sadarkaa lammaffaa %71 ol sadarkaan gadi yoo ta'an, bu'uuralee misoomaa barbaachisan kan hinguuttanneefi adeemsa baru fi barsiisuuf kan hinmijanneedha.

Manneen barnootaa kanneen ammoo mootummaan qofti fooyyessuufi sirreessuu hindanda'u; hirmaannaa qaamolee hundaatiin yoo ta'e malee. Kanarraa ka'uun dhiheenya kana sosochiin hareessa manneen barnootaa biyyaalessaa mata duree "Barnoonni Dhalootaaf" jedhu mootummaan labsee hojiitti seenameera. Kanaan hawaasni sadarkaan jiru, abbootiin qabeenyaa, barattoota duraanii, mootummaafi dhaabbileen mitimootummaa rakkoo manneen barnootaa ilaaluun kallattiidhaan kan irratti hirmaatan ta'a.

Kaayyoon sosochii kanaas wantoota qulqullinni barnootaa akka dhabamuuf sababa ta'an hedduu jiraatanis kanneen keessaa tokko manneen barnootaa adeemsa baru barsiisuutiif mijatoo ta'uu dhabuun isa bu'uurraati. Sababa kanaan barattoonni naannawa qulqullini barnootaa guutuu hintaane keessatti akka barataniifi beekumsa barbaadamu akka hinhoranneef sababa ta'eera.

Rakkoo kana ammoo hunduu walta'ee yoo fure malee jijjiiramuu hindanda'u. Hojiin kun hojii halkan yookiin baatii yookiin ammoo tibba tokko qofa duulaan hojjetamu osoo hintaane walitti fufiinsaan waggoota 10 oliif hojjetamuu qaba. Kanaafis sirmi diriirfamee hawaasnifi qaamoleen addaddaa ittifufiinsaan akka hirmaatan taasisuu barbaachisa.

Sosochii kanaan wantoota hedduutu eegama. Gurmaa'insa ummataa uumuun hojii qabatamaatti galanii manneen barnootaa fooyyessuu, haala qabatamaa manneen

barnootaa adda baasanii beekuun akka fooyya'aniif haala miyeessuu, hirmaannaa hawaasaa sadarkaalee garagaraatiin bu'uuralee misoomaa manneen barnootaa fooyyessuuf ittigaafatama ofii ba'achuun kanneen muraasa.

Sosochiin kun ji'a tokko dura Ministira Muumme Itoophiyaa D Abiyyi Ahmadiin (PhD) kan eegalchiifame yoo ta'u, isaanis "Manneen barnootaa Itoophiyaa isin kaleessa itti barattan hundi har'a deggarsa keessan barbaadu. Deggarsa keenya hojiidhaan mul'isuudhaaf sochii biyyaalessaa "Barnoonni Dhalootaaf" jedhamu kan hundi keenyayyuu yaadaan, maallaqaan, humnaan, akkasumas waan qabnu hundaan manneen barnootaa deeggaruuf nudandeessisu jalqabsiifneerra. Itoophiyaa cimtuu ijaaruu, manneen barnootaa ciccimoo waliin haa ijaarru" jechuun sagantaa jalqabsiisaarratti ergaa dabarsanii turan.

Ministirri Barnootaas sosochicha abbumaadhaan hogganaa kan jiru yoo ta'u, marsariitii <https://sip.moe.gov.et/> banuun sadarkaa manneen barnoota biyyattii hundi irratti argaman kaa'eera. Kanas namuu bane mana barnootaa itti barate ilaaluufi sadarkaasaa adda baafachuun fooyyessuurratti hirmaachuu qaba.

Lammiileen biyya keessaafi ala jiran, abbootiin qabeenyaa, atileetonni, artiistoonni, ogeessonni addaddaafi namoonni dameelee addaddaatiin beekantii qaban sosochii kana adda durummaan dursuu qabu. Dhimmi kun dhimma siyaasaa yookiin ilaalchi addaddaa itti calaqisifamu waan hintaaneef hundi bakka jirutti mana barnootaa dur itti barate mil'achuun dirqama. Deggarsa taasifamu kan maallaqaa qofa osoo hintaane, beekumsa, ogummaa, dandeetiifi teknolojiilee ta'uu waan maluuf eenyullee "ani qarshii hinqabu" jechuun irraa dheessuu hinqabu.

Otoo ofii qofa hintaane namoonni kaanillee deggarsa irraa barbaadamu akka taasisaniif kakaasuu, walqindeessuufi yaada waljijjiiruun gahee lammummaa ofii ba'achuun barbaachisaadha. Kanaaf waamicha biyyaa kanarratti hirmaachuuf har'uma murteessuun mana barnootaa keenya haa deggaru.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Piresii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

ODUU

“Ashaaraan magariisaa faayidaa naannawaa, hawaasummaafi dinagdee olaanaa qaba”

Doktar Adafri Warquu

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Ashaaraan magariisaa bu'aalee naannawaa, dinagdee, hawaasummaafi dhaabbataa kan mirkaneesse ta'uu walitti qabaan Koree Teknikii Ashaaraa Magariisaa Biyyaalessaa Doktor Adafri Warquu hubachiisan. Waldaan Misooma Oromiyaa bosona manca'e bosoneessuun fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessaa jiraachuu ibse.

Doktar Adafri addatti Dhaabbata Piresii Itoophiyaaf akka ibsanitti, ashaaraan magariisaa bu'a qabeessummaa naannawaa, dinagdee, hawaasummaafi dhaabbataa mirkaneessuuf gumaacha olaanaa qaba.

Akka ibsaanitti, biqiltuu dhaabuun lolaan dhiqamuu biyyee hanbisuun alatti gabbina biyyee fooyyeessuun omishaafi omishtummaa dabaluu irra caalaatti qonnaan bulaan akka fayyadamu taasisa. Sigiga lafaa, balaa lolaafi hongee maqsuun madda bishaanii akka ta'u gargaara.

Keessattuu, naannawa gammoojjummaan babal'atutti hanga ho'aa hir'isuun jiidhi lafa keessaa akka dabaluu kan gargaaru ta'uu



eeranii; laggeen mirgisuun omishni anniisaa elektirikii akka dabaluu dubbataniiru.

Qoraaniifi ijaarsaan akkasumas dheedicha beeyladdootaan haftee bosana buleeyyiirra ga'u xiqqeessuun alatti sanyiiwwan biqiltuu funaanuurraa hanga dhaabuu, qindeessuu, geejjibsiisuu dabalatee carraa hojii dargaggootaa hedduuf uumas jedhaniiru.

Buufata biqilaa itti biqilchanitti horsiisa kanniisaa, kompoostii qopheessuun dabalataan dubartootaaf carraan hojii umamaa jiraachuu

himanii; akkuma warshaa qindeessa omisha qonnaafi warshaan konkolaataa babal'achaa jiru ashaaraan magariisaa babal'atee gara warshaa hojii mukaattii (furniture industry) ce'amu dargaggootaaf carraa hojii bal'aa uumuu danda'as jedhaniiru.

Bu'aa ashaaraa magariisaarraa argamuun fedhii nyaataa biyya keessaa guutuun algeriifis gumaacha olaanaa akka qabu avookaadoorratti bu'aan argamaa jiru jajjabeessaa ta'uu hubachiisaniiru.

Hoggantoonni olaanoon naannoo tokkoo naannoo biraa dhaqanii wayita biqiltuu dhaaban mootummaafi hawaasa walittidhiyeessuun garaagarummaa dhabamsiisuun hawaasummaa akka cimsu himanii; akka dhaabbataattis dhaabbilee waliin ta'uun karooraafi raawwii ashaaraa magariisaa waloo qabaachuun sadarkaa dhaabbataatti cimina biyyaa fidaa jira jedhaniiru.

Daarektara Ittaanaafi Ittigaafatamaan Walda Misooma Oromiyaa damee Finfinnee Obbo Taakkalaa Amanuu waldichi bara 2016 irraa eegalee biqiltuu miliyoona 36 dhaabuun bosona manca'e bosoneessuun hawaasni bu'aa naannawaafi hawaasdinagdee akka irraa argatu ta'eera.

Hawaasni naannawa bosonichaa jiru jijjiiramni qilleensaa fooyya'uu, burqaan bishaanii mirgisuun nyaatni beeyiladaafi horsiisa kanniisaaf ittifayyadamaa jiraachuu ibsaniiru. Kanaafis, Bulchiisa Magaalaa Shaggar, Kutaa Magaalaa Sabbataa, bakka Diimaa jedhamutti dargaggootni 38 gaagura horsiisa kanniisaarratti ijaaramanii hojiitti seenaa jiraachuu akka fakkeenyaatti kaasaniiru.



Hirmaattota leenjichaa

Leenjiin hubannoo ittisaafi hiikkaa walittibu'iinsaa cimsu kenname

Adaamaa: Leenjiin hubannoo ittisaafi hiikkaa walitti bu'iinsaa cimsu caasaalee Nageenyaa sadarkaa godinaafi magaalotaa jiraniif magaalaa Adaamatti kennamuusaa Biiron Bulchiinsaafi Nageenya Oromiyaa beeksise.

Kaayyoon leenjicha rakkoo walitti bu'iinsa naannawa daangaa bulchiinsaatti muudatu beekumsaan hogganuufi ijaarsa nagaa hawaasaa cimsuuf caasaalee nageenyaa sadarkaan jiraniif hubannoo uumuu akka ta'e ittigaafatamaa waajjira Biiron Bulchiinsaafi Nageenyaa Oromiyaa Obbo Gaaddisaa Waaqtolee ibsaniiru.

Daarektarii ittisaafi hiikkaa walittibu'iinsaa biirichaa Obbo Taammaana Saahiluus walitti bu'iinsi taatee uumamaa ta'uufi hanbisuun kan hindanda'amne ta'ullee hir'isuun ni danda'ama jedhaniiru.

Walitti bu'iinsa sababoota gargaaraatiin uumamuu malu dursanii xinxalaan adda baasuun hir'isuun akka danda'amuufi walitti bu'iinsi erga uumamees beekumasaafi of eeggannoodhaan bulchuun miidhaa guddaa osoo hinqaqqabsiisin to'achuun akka danda'amu dubbataniiru. Haaluma walfakkaatuun mataduree, “Duudhaa waliin jireenysa dhaabbilee amantiifi amantii gabbisuu” jedhurrattis leenjiin kennamuun hubatameera.

Hirmaattotni leenjichaa tokko tokkos yaada kennaniin leenjichi ittisaafi hiikkaa walitti bu'iinsaafi ijaarasa nagaa hawaasaarratti hubannoo gaarii kan uumeef ta'uu ibsuudhaan hubannoo argataniin hojii bu'asqabeessa raawwachuuf qophii ta'uu dubbataniiru jechuun Biiron Bulchiinsaafi Nageenyaa Oromiyaa odeeffannoo Bariisaaf ergeen eereera.

Kaampaaniin Albuudaa Keefii bara dhufu hojii eegala

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Kaampaaniin Albuudaa Keefii bara 2016tti Godina Wallagga Lixaatti hojii albuuda baasuu akka eegalu ibse.

Bulchaan kaampaanichaa Mistar Haarii Anagoostiras ibsa Kamisa darbe miidiyaaf kennaniin akka jedhanitti, kaampaaniin kun gara Itoophiyaa dhufee Ministeera Albuudaa wajjn waliigaltee mallatteessuun hojii qorannoo albuudaarratti erga bobba'ee waggoota kudhanii ol ta'eera.

Waliigalticha boodas Pirojeektii “Tulluu Kaappii” jedhamu hundeessuun haalduree barbaachisoo hunda xumuruun bara dhufuu hojii albuuda warqii qotuu kan eegalu ta'uu eeraniiru.

Kaampaanichi raawwii pirojeekticha kanaatiif bajata doolaara miliyoona 500 ol ramadee socho'aa akka jiruufi hanga ammaatti doolaara miliyoona 80 ol hojiilee garagaraatiif baasii gochuu beeksisaniiru.

Kaampaanichi waggaatti albuuda warqii toonii shanii ol omishuu akka danda'us eeranii, pirojeektiin kun naannawichatti hojii albuuda warqii baasuu hanga bara 2027tti ittifufiinsaan akka hojjetuuf waliigaltee mallatteessuu dubbataniiru.

Faayidaa hawwaasni naannawichaa kaampaanicharraa argachuu qabuun walqabatees Mistar Haariiin akka dubbataniitti, kaampaanichi yommuu



Mistar Haarii Anaagostiras

hojjetoota mindeessu harka 90n dhalattoota naannawichattiif dursa kenna. Namootni 1000 carraa hojii ni argatu. Kaampaanichi naannawichatti manneen barnootaafi keellaawwan fayyaa ijaaruuf socho'aa jira.

Hojiin misooma albuudaa kaampaanii idil addunyaa kanaa hundi karaa dijitaalawaa ta'een waan raawwatamuuf alseerummaan albuudarra qaqqabu akka hinjiraannes eeranii, sochiin kamuu maaykiroskoppiidhaan hordofama jedhan.

Namoonni sababa pirojeektichaatiin lafaafi qe'eesaaniirraa buqqa'aniif qarshii guddaa kaffaluu qofa osoo hintaane akka dandamataniifi dinagdeedhaan of danda'aniif leenjiin ogummaa garagaraa akka kennamuuf ibsaniiru.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Adoolessa 22 Bara 2015



Girmaa Mokonnen:
Injinara moosaajii harka
maleessa

fuula **11**



**Doktar Sa'id Osmaan: Hayyuu
teknolojii wal'aansa lafee
dugdaa kalaqaniin lammii
tajaajiluuf onnatan**

fuula **6**



**Argannoowwan haaraa
seenaa aartii dhagaarraafi
fakkiwwan holqoota keessaa**

fuula **10**

KEESSUMMAA BARIISAA

Doktar Sa'id Osmaan: Hayyuu teknolojii wal'aansa lafee dugdaa kalaqaniin lammii tajaajiluuf onnatan

Charinnat Hundeessaatiin

Keessummaan keenya maxxansa kanaa Doktor Sa'id Osmaan jedhamu. Ogeessa wal'aansa lafee dugdaati. Iskootilaandi, 'UK'tti gamtaa lafee dugdaa qo'ataniiru. Kalaqawwansaanii si'aayinaan fudhatama argachuu danda'uunsanii ogeessa kana adda taasisa.

Hospitaalota yunivarsiiti adda addaatti miseensa teknikii lafee dugdaas turan. Teknikoota indooskoppikii lafee dugdaa sadii kan yeroo ammaa sadarkaa addunyaatti faayidaarra oolanis qopheessaniiru.

Teknolojiinsaanii, "Apparoota Osmaan" (Osmaanappers)" jedhamu faayidaalee hedduu qabu; indooskoppikii yeroo wal'aansa baqaqsanii yaaluu lafee dugdaa qusatuufi tajaajila guddaa kennu biyya keenyatti hojiirra oolchuuf sochii qabatamaatti seenaniiru.

Kanaanis waadaa abbaafi biyyasaaniitiif galan qabatamaan hojiitti hiikuuf tattaaffii olaanaa gochaa jiru. Ogummaasaanii kanaan walqabatee miidiyaalee addunyaarratti beekaman hedduurratti dhiyaachuun waa'ee kalaqasaanii dinqisiisaa kana ibsaa turan. Gaazexaan Bariisaas nama cimaa, maqaa biyyasaanii addunyaarratti waamsisan kana oggaa isaan gara Itoophiyaa dhufan karaa maamilasaa yeroo hundaa, Artisti Umar Goobee argatee turtii gabaabaa wajjin taasisera.

Bariisaa: Addunyaan maaliin isin beeka mee?

Doktar Sa'id: Addunyaan kan na beeku kalaqawwan haareyyii ani damee fayyaatiin burqisiiseefi hojiirra oolcheeni. Kalaqawwan koo damee fayyaatti oggaa dafanii hojiirra oolan mul'ata.

Namoonni 'anarratti haa yaalamu' jedhan baay'eedha. Kanaafis otoo barreeffama qo'annoo koo dubbisee hinxumuriin wal'aansi baqaqsanii wal'aanuu akka isarratti yaalamu eeyyamamaa kan ta'e raadiyolojiistiin Hawaayirraa (Ameerikaa) kan dhufe agarsiistuu gaariidha.

Bariisaa: Eessatti dhalattanii guddattan?

Doktar Sa'id: Ani dhalataa Itoophiyaafi Keeniyaa yoon ta'u maatiin koo "Gootoo Ayilaa" jedhanii na waamu. Maqaan koo mana barumsaafi hanga har'aatti ittiin beekamu ammoo Sa'id Gootoo Osmaan jedhamuuni.

Kanin dhaladhe Magaalaa Moyyaalee daangaa Itoophiyaafi Keeniyaaatti argamtutti yoo ta'u, yeroo koo danuu kanin dabarse garuu Keeniyaaatti. Ani carraa Moyyaaleewwan Itoophiyaafi Keeniyaaatti guddachuuf argadheera.

Moyyaaleen magaalaa saboonniifi sablammoonni adda addaa baay'inaan keessa jiraatan waan taateef afaanotaafi duudhaalee adda addaa baruuf barachaa akkan guddachuuf carraa naa uumeera.

Ani ilma, ilma gootaafi dursaa gosaati; akaakayyuu koo gootichi (abbaa haadha kootii). Akaakayyuu koo kun goota hawaasni Moyyaalee qofti leellisuu otoo hintaane nama Atsee Hayilasillaaseedhaan amanamummaa gonfatanii sadarkaa balaanbaraasummaaf kaadhimamaniidha.

Kanaanis ani ilmi ilmaasaanii, mucaan kaleessaa waanin akaakayyuu koo jalatti guddadheef isaanirraa ciminaafi gootummaa akkasumas bilisummaa baradheera. Oggaa umuriin koo daa'ima waggaa shanii gita bittaa Ingiliz jala kan turte waa'ee walga'ii Moyyaalee Keeniyaa biyya walabaa Moyyaalee Itoophiyaa akaakayyuu koo bulchaa turanii yaadannoo addaa ta'ee darbeera.

Yeroo sana walga'ichaa hogganaa kan turan bulchaa Moyyaalee Keeniyaa lammii Ingiliziifi hogganaa hawaasa Moyyaalee Itoophiyaa, akaakayyuu kooti.

Akeekni ijoon walga'ichaa dhimma yeroo sanatti jireenya hawaasaa qoraa ture, hanna loonii Itoophiyaarraa gara Keeniyaa, Keeniyarraa gara Itoophiyaatti raawwatamaa ture kan ilaallatu ture.

Walga'icharrattis akaakayyuu koo qaama furmaataa ta'anii argamaniiru. Oggaa walga'icha hoggananiis Itoophiyaan biyya walabaa waan taateef ergaa dabarsuu barbaadan ofitti amanamummaa addaatiin dubbataa turan.

Garuu, marichi furmaata barbaaduura Itoophiyaa qeequun kan qabame ture. Kanneen walabummaa beekaniifi fageenya hammamii deemuu akka qaban hubatan akaakayyuu koo gaaffiilee, "Itoophiyaanonni yeroo meeqa Keeniyaa weeraran? jedhanfaa bulchaa lammii Ingiliziifi dhiyeessan.

Gaaffichi bulchaa lammii Ingiliz kan kirkirse waan ta'eefi kan hincegne waan tureef mo'atamuura jedhanii ittikolfan, qaanessanis. Isaan garuu ergaasaanii sirriitti waan dabarfataniiif gammadoo turan. Daa'imummaa kootti kana argee dubbiin bitaa nati galee ture.

Tuffii bulchaan lammii Ingiliz kun akaakayyuu kootti agarsiisetti garmalee aareera. Ani daa'imni kaleessaa, ogeessi fayyaa har'aa

aaree qofa dhiisuu hinbarbaadne. Sirumayyuu akka haati koo waa'ee dhimmichaa natti himtu gaafadhe.

Haati koos, "Dachee adirratti akka gurraachi dubbatuuf hinceyyamamu. Akaakayyuu kee garuu bilisummaa ittijiraatanii waan guddataniif waan garaasaanii dubbataniiru. Bulchichi ammoo eenyuyyuu ittiddubbatee waan hinbeekneef fakkeessuuf kolfa aarii kolfe. Kanaafuu atis kan gochuu qabdu aaru otoo hintaane bilisummaa biyyi kee sii kennitetti fayyadamtee warra si qaanessuuf ka'an leyyaasisuudha" jettee na gorsite.

Taateen kun anaafis seenaafis yaadannoofis bu'uura ture. Sababiinsaas akka dachee adiiwwaniiratti gurraachi hojjechuu danda'u qabatamaan agarsiiseera. Bu'uura koo har'aatiifis dhalataa Itoophiyaa walabaa ta'uu koo akka ta'e isaan amansiiseera.

Waanin lammii Itoophiyaa ta'eef hinmo'atamuu amala taasifadhee akkan guddachuuf na gargaareera. Waan jalqaban xumuruufi yeroo hunda injifataa ta'uu na gonfachiiseera. Akkan carraa barnootaa fooyya'aa argadhus na dandeessiseera. Kan biraa ammoo akkan adiiwwanirraa teknolojiiwwan baradhuufi gooftaa ofii ta'uu

gonfadheera. Kana malees akkan aadaafi duudhaa biyya biraa beekuuf carraa kan naa kenne ta'uusaati.

Bariisaa: Turtii Itoophiyaadhaa hanga Ameerikaatti dabarsitan keessaa waanuma gabaabaa nuu ibsaamee?

Doktar Sa'id: Akkuma koo namoonni naannawa daangaatti dhalatan daangessitootasaanii wajjin waantota baay'eedhaan tokko ta'anii jiraatu. Wajjumaan nyaatu, waa hunda wajjumaan raawwatu. Bakka tokkotti barachaa isa kaan wajjin jiraachuu danda'u. Otoo eenyuyyuu asiin baate asiin galte hinjedhiiniin biyyoota lamaanuu akkuma biyyasaaniitti akka balbalasaanii bananii galu, bahus.

Lammiileen dhalootaan Itoophiyaa ta'an danuun maddisaanii Itoophiyaa ta'us barnoota fooyya'aa barbaacha gara Keeniyaa deemuu kan danda'aniif sababuma kanaani.

Anis namoota kanneen keessaa tokko. Barnoota kutaa lffaa Itoophiyaatti baradheen isa itaanu hanga yunivarsiitiitti Keeniyaaatti hordofeera. Dhugaa dubbachuuf ani carraa hanga yunivarsiitiitti barachuu hinargadhuuyyuu. Sababiinsaas abbaa koo

Gara fuula 7tti



Suurri: Gabaaboo Gabreeliin

KEESSUMMAA BARIISAA

Doktar Sa'id Osmaan: Hayyuu teknolojii...

Obbo Osmaani.

Fedhiin abbaa kootii yeroo hundaa waan tokko ture. Ani, Ilmisaanii Keeniyarraa gara Itoopiyaatti deebi'ee akkan biyya koo tajaajilu. Kanaafis yoon hanga kutaa 8ffaatti baradhe gahaadha jechaa ture. Sababiinsaas sadarkaan kutaa kun lammiilee Itoophiyaa Moyyaalee keessa jiraataniif sadarkaa barnootaa isa olaanaadha.

Kanaafuu, akkan kanarra hindabarre gochaa turan. Garuu qabxiin galmeessise akkan barnoota koo addaan kutu kan taasisu waan hinturreef barnoota koo sadarkaa 2ffaa ittifufuu danda'e.

Ergan sadarkaa 2ffaa qaqqabee boodas waanti na dhaabu tokkollee hinturre. Sadarkaalee barnootaa hundatti bu'aaqabeessan ture. Kanaan abbaa kootiin homaa jechuu hinbarbaadne. Kanaafuu, yunivarsiitiin seene.

Yunivarsiitiin seene Afrikaa bahaatti dhaabbata barnoota olaanaa beekamaa "Maakireeree" jedhamu yoo ta'u, achittis waan milkiin na biraa hinhafneef gara Yunivarsiiti Naayiroobiitti jijjiiramuuf Ministeera Fayyaa biyyattii gaafadhe. Ministeerichis waa'ee cimina koo dursee waan bareef gaaffii koo gammachuudhaan fudhatee Yunivarsiiti Naayiroobii gale.

Bariisaa: Bifaan gurraacha ta'uu keessaniin dhiibbaan isinirra ga'ee jiraa?

Doktar Sa'id: Gurraacha ta'uun koo hojii kooratti dhiibbaa uumullee warri adiin bu'aa kalaqaa koo hojiirra oolfachuuf dirqamaniiru. Hojii qorannoo koo kanaan baay'ota injifadhee addunyaaf fakkeenya ta'uu danda'eera.

Bariisaa: Filannoon barnootaa keessan damee kam ture?

Doktar Sa'id: Barnoonni ani Yunivarsiiti Naayiroobiitti barachuuf filadhe fayyaa yoo ta'u, sababiin damee kana filadheefis qaba. Innis tokkoffaa otoon daa'ima waggaa jahaa jiruu Moyyaalee Keeniyaaatti hospitaala qofagaleessatti faarmaasistummaan tajaajilaa kan turan wasiila (addeera) koo wajjin deemee waanin hospitaalicha argeefi.

Kunis gidiraa deessuu Moyyaalee Itoophiyarraa gara hospitaalichaa dhufte tokkoo arguu koo yoo ta'u, haalli ani yeroo sana arge daran gaddisiisaafi kan sammuu koo keessaa hinbadne ture.

Guyyaa sanarraa kaasees oggaa maatiin maal ta'uu barbaadda jedhaniif gaafatan deebiin tokkoofi tokko ta'e. Innis oggaan guddadhee barnoota koo xumuru ogeessa fayyaa ta'uudha. Garuu dubbii koo kanatti hunduu kolfaa ture. Abjuu koo kanas kan naa fudhate hinturre.

Kolfi maatii kun natti hintolle. Madda kolfichaa baruuf ammas haadha koo gaafadhe. Deebiin naa kenname, "Ogummaan fayyaa adiiwwan qofaaf kan kennameedha. Naannawa keenyas doktarri gurraachi hinjiru" kan jedhuudha. Kanaafuu, xiiqqii kana bahachuufi waanin hintaatu jedhame ta'ee agarsiisuu sababa koo lammaffaa taasifadhee damee fayyaa filadhe baradhe.

Bariisaa: Ogummaa fayyaa kanaan hammam deemtaniittu ykn tajaajiltaniittu, eessa eessatti?

Doktar Sa'id: Ogummaa wal'aansaatiin hanga ammaatti ittifufeen ittiin hojjechaan jira. Naayiroobii booda gara Iskootilaanditti imaluun ogummaa waa'ee wal'aansa lafee dugdaa qo'adheera. Keessumaa



namoota dhukkuba dugdaatiin gidiraa argaa jiran salphumatti bayyanachiisuuf daran dhama'eera. Damee kanarratti akaakuuwwan wal'aansaa kan ofii koo uumuudhaan qaama dhimmi ilaallatu biratti galmeessiseera. Akka hundi ittifayyadamus taasisseera. Har'a hunda biratti akkan barbaadamu kan na taasises kalaquma koo kana.

Hojiin wal'aansaa iddoon hindaangessine tokko jedhee kanin jalqabe daa'ima waggaa jahaa ta'ee turtii wasiila koo faarmaasistii wajjin Hospitaala Moyyaalee keessatti taasiserraa ka'uuni. Daa'ima ta'us dhukkubsattoota haalota adda addaatiin gargaaraan ture. Achii akkuman Yunivarsiiti Naayiroobiirraa eebbifameenan kallattummaan gara Mombaasaatti qajele.

Hospitaala distiriiktii Mombaasaatti argamuttis tajaajiluu ittifufe. Altokko tajaajilee barnootaaf gara Naayiroobii deeme. Barnoota koo kana maddiitti dhukkubsattoota Moyyaalee, Mombaasaafi naannawa birootii dhufan wal'aanaan ture.

Bariisaa: Waanti ogeessota fayyaa biroorraa adda na taasisa jettanii nuu kaastan yoo jiraate?

Doktar Sa'id: Waanti ogeessota fayyaa biroorraa adda na taasisa jedhee yaadu tajaajila wal'aansaa kana mana koottillee kennuu kooti. Dhukkubsattoonni yoo hospitaalaa na dhaban hanga mana kootti dhufuun tajaajilamu. Akkan ogummaa kanatti seenu kan na taasisse lammii koo gargaaruu waan ta'eef hawaasa tajaajiluurraa duubatti jedhee hinbeeku. Hirriba malee buluun tajaajila barbaachisu nan kenna.

Bariisaa: Barnootaafi tajaajila wal'aansaa akkamiin walduukaa deemsisuu dandeessan?

Doktar Sa'id: Tajaajilli koo kun garuu hanga dhumaatti ittihinifufne. Dhimma barnootaa kootu na danqe. Barnoota kootiin bu'aaqabeessa ta'ullee isaanumaaf waan fooyya'aa fiduuf waan ta'eef xiyyeeffannaa koo wal'aansarra barnoota taasisse gara Biritaniyaa, Iskootilaanditti imale.

Kanaanis, ogummaa wal'aansa lafee dugdaa qo'adhee sadarkaa ispeeshaalaayizdiittis ol guddise. Ogummaan gonfadhe kanaan baay'ota baraareera. Kanneen keessaa tokko turtii waggoota sadiif barnootarratti dabarseen jechuunis kalaqa bara 2003 fooyyessuudhaan namoota hedduuf qaqqabuun ni eerama. Kalaqnisaniin kun mala baqaqsanii wal'aanuu lafee dugdaa kan hordofeedha. Addunyaanis bal'inaan beekeera; ittifayyadameeras. Sababiinsaas kalaqichi wal'aansa baqaqsanii yaaluu ji'ootaafi isaa ol fudhatu teknolojii wal'aansaatti fayyadamuun jiddugaleessaan wal'aansa baqaqsanii yaaluu yeroo daqiiqaa 40 hincaalle keessatti dhukkubsattoota wal'aanu.

Fakkeenyaafis namni jalqaba wal'aansa baqaqsanii wal'aanuu taasisaniif kanaaf agarsiistuudha. Yeroon wal'aansichaaf ittifudhate daqiiqaa 40 yoo ta'u, wal'aanamaan turtii sa'aatii 3:00 booda qorichaa hadoochaa kennamee irraa dammaqqee tarkaanfachuun eegaleera.

Faayidaan biraa kalaqichi argamsiisu oggaa wal'aansi baqaqsanii wal'aanuu taasifamu dhangala'uun dhiigaa mudachuu dhabuusaati. Kanaan ammoo lammiileen biyyoota akka Itoophiyaa dhabiinsa dhiigaatiin gidiraa argan ni boqotu. Ogeessa wal'aansaas taanaan kutaa tokkoo gara biraatti socho'uufi dhiphina keessa galuu jalaa baraarama.

Oggaa waa'een hojii koo ka'u otoo hinka'iin kan hinhafne dhimmi ijoon muuxannoo otoo hinqusatiin eenyumaafuu qooduu kooti. Ogeessota fayyaa biyya kamuurraayyuu narraa muuxannoo qoodachuuf dhufan leenjii ni kennina.

Fakkeenyaaf ogeessota mala si'aayaa kana barachuuf Kooriyaa Kibbaa, Eeshiyaa, Ameerikaafi biyyoota adda addaaraa dhufaniif leenjii kenneera. Muuxannoofi waa'ee hojii koo qoodeeraaf; barsiiseera. Kana gochaa kanin ture yeroon Biritaniyaatti mindeeffamee hojjetaa turetti. Ta'us hojii koo kanatti Ameerikaanonni gammadoo hinturre. Ani garuu kanaaf iddoo hinkennine. Sababiinsaas, kaayyoon koo dhukkubsattoota rakkoo keessaa baasuudha.

Bariisaa: Akkamiin Biritaniyaarraa gara Ameerikaatti ceetan?

Doktar Sa'id: Kanin Biritaniyaarraa gara Ameerikaatti qajele akkuma tasaa ture. Fedhiin koo akkuman leenjii koo xumureen biyya koo, Itoophiyaa tajaajiluu ture.

Utuman carraa Biritaniyaa turuu qabuu sababoota lamaaf yaada koo jijjiire. Inni jalqabaa kaadhimni koo Dubree Masarat Bafiqaaduu waan Ameerika jirtuuf ishee bira deeme jiraachuuf hawweera. Lammaffaan ammoo ogummaa koo guddifachuuf Ameerika waanti fooyya'aan akka jiru amaneera. Kanaafis filannoon koo isa ta'ee gara Ameerika, Meerilaanditti qajele.

Akkuman Ameerika deemeen tokko jedhee kanin hojii eegale Yunivarsiiti Wal'aansaa Ohaayooti argamutti barsiisaa ta'uuni. Ta'us hojii kootti gammadaa hinturre; dandeettii

Doktar Sa'id Osmaan: Hayyuu teknoloji...

koo waa kalaquu waan na jalaa daangesseef.

Ta'ullee ogummaa barsiisummaatiin fudhatamummaa olaanaa gonfadheen ture. Fudhatamummaa olaanaa kanaan guutummaa addunyaarra naanna'ees akkan barsiisu naa taasiseera.

Bariisaa: Ogummaa wal'aansaa kanaan beekantii akkamii argattaniitu?

Doktar Sa'id: Yeroo ammaa damee fayyaatiin mirkaneessituu abbummaa kalaqawwan sagalii qaba. Kanneen keessaas keessumaa kanin sadarkaa addunyaatti ittiin beekamuufi mala koo baqaqsanii wal'aanuufi lafee namtolchee hojjedhe ni eeramu.

Bariisaa: Waa'ee Itoophiyaa akkamitti ibsituu? Maalis hojjechuufiif yaaddan?

Doktar Sa'id: Qaamni koo Itoophiyaadhaa bahu Itoophiyaan onnee koo keessaa hinbaane. Waantota akka Itoophiyaa hindaganne na taasisan keessaa ulfinni olaanaan kaleessa kennameef akkasumas waadaan abbaa kootiif seeneedha. Waadaa kana kan seene ammoo ummanni qabxii yunivarsitii seenee galmeessetti gammadee simannaa ho'aa naa taasifamerratti.

Oggaan digirii koo jalqabaa Naayiroobiitti hojjedhu oduun waa'ee qabxii olaanaa fiduu koo Moyyaaleetti dhaga'ametti gammachuun kan maatii qofa hintaane kan hawaasa naannawaatisi malee. Kanaan namoonni gammachuusaanii ibsachuuf cidha qopheessan; nu boonsite jedhamees faarfame.

Yoo gammachuu koo to'achuun na rakkisellee akkan waan tokko gochuu danda'u ni amanuutii akkana jedhee waadaa seene, "Oggaa yunivarsitidhaa deebi'u jiraattota Moyyaalee Itoophiyaa nan tajaajila" jedheen waadaa seene.

Garuu haalli akka yaadanitti waan hindeemneef otoon waadaa koo hinkabajiin hafe. Ammas garuu hindhiine jechuun hojii koo addunyaan beeke biyya koo, Itoophiyaatti hojiirra oolchuuf kutadhee dhufe. Hojiirra oolmaa waadichaatiifis qophiilee adda addaa gochaan jira.

Bariisaa: Qo'annoon Iskootilaandi, Yunaayitid Kiingidamitti addatti maalirratii kan xiyyeeffate ture?

Doktar Sa'id: Iskootilaandi, Yunaayitid Kiingidamitti lafee dugdaa ilaalchisuun qo'annoo baay'ee adeemsiseera. Kanaan rakkoolee wal'aansa baqaqsanii wal'aanuutiin walqabatu hubadheera. Wal'aansi baqaqsanii wal'aanuu 'indooskoppik' jedhamu kanaaf furmaata jechuunis kaa'eera.

Ameerikaa dhaquudhaanis Hospitaalota Yunivarsitii Kiliivlaandi, Ohaayooti waldaa lafee dugdaarratti hojjetuu ta'udhaan deggarsa Pirofesar Maarsolaayisiin qo'annoo adeemsiseera. Amma qo'annoon koo sadarkaa addunyaatti idileedhaan faayidaarra ooleera. Dhukkubsatooni baay'enis ittiin fayyaniiru. Kanaafis karoorri koo lammii baraaruu waan ta'eef jalqabbiin koo tajaajila tola ooltummaa ta'eera.

Bariisaa: Hojii gama tajaajila tola ooltummaatiin biyya keessatti hojjetan keessaa waa nu eeraa? Idileedhaan maal karoorfattan?

Doktar Sa'id: Dhiyeenyuma kanallee Hospitaala Alartitti ogeessota leenjisuufi wal'aansa baqaqsanii yaaluu kenneera. Dhaabbiidhaan ammoo Wiirtuu Gabbisa Dandeettii Wal'aansa Lafee Itoophiyaatti hundeessuuf tattaaffiirran jira.

Kana milkeeffachuufis carraawwan adda addaatti fayyadamaan jira. Agarsiisa fayyaa

Rakkoolee bu'uuraa biyya keenyaa keessaa tokko wal'aansa ta'uu eenyuyyuu ni beeka. Kanaafuu, teknoloji yeroo, humnaafi maallaqa qusatu haala Itoophiyaa madaaluun sirreessee fidee dhufeera

Godambaa Saayinsiitti adeemsifamaa turrerratti argamuunis hojii addaa kalaqa koo ta'e dhiyeesseera. Kanaan baay'oonni akka faayidaa kalaqaa hubatan taasiseera.

Namoonni baay'eenis kalaqan dhiyeesse jaalalaniiru. Hojii indooskoppii lafee dugdaarratti waanin hubannoo gaarii uumeef mootummaa dabalatee qaamolee adda addaarraa deebii gaarii nan argadha jedheen abdadha.

Wal'aansa lafee dugdaa gara Itoophiyaatti fiduuf oggaan yaadu wantonni baay'een akka qaala'aniifi walxaxoo ta'an nan beeka. Waan yaadame akka salphaatti hojiirra oolchuun akka hindanda'amnes nan hubadhe. Ta'us aarsaa kamuu kanfalee waanin yaade dhugoomsuuf tattaaffii eegaleera.

Sababa dhukkubni dugdaa hammaateef rakkooleen baay'atanis xiyyeeffannaan damichaaf akkuma biyyootaattuu kenname xiqqaadha. Kanarraa kan ka'e haalli jiru daran yaachisaadha. Oggaa dhiibbaa dhukkubichi uumu yaadus nan dhiphadha.

Bariisaa: Dhiibbaan dhukkuba dugdaa akkamitti ibsamamee Doktor?

Doktar Sa'id: Dhukkubni dugdaa miidhamaa qaamaa nama taasisuu qofa otoo hintaane dinagee biyyaas ni hunkuteessa. Akka qorannooowwan eeranittis ummata Itoophiyaa waliigalaa keessaa miliyoonni 65 umuriisaanii waggaa 15 hanga 54tti jirutti humna omishataadha.

Ta'us humna kana keessaa harki 46 (miliyoonni 30) dhukkuba dugdaa cimaa keessa jiru. Sababuma kanaan humni omishataan guyyaatti sa'aatiwwan sadiif; torban keessatti guyyoota muraasaaf qofa akka hojjetaniif ykn akka guutummaatti hinhojjenne ta'u.

Dhukkubni dugdaa omishtummaa dugdaa harka 70n hir'isa. Rakkoo kana furuuf ammoo filmaanni teknolojiwwan akkanaa hojiirra oolchuudha.

Har'a Itoophiyaatti namoonni miliyoonni 1.5 dhukkuba dugdaa hamaaf waan saaxilamaniif wal'aansa baqaqsanii yaaluutu isaan barbaachisa. Kana jechuun ammoo dinadgee Itoophiyaa keessatti dhukkubsattoota, maatii, hawaasaafi abbootii qabeenyaarratti dhiibbaa olaanaatu uumama.

Kanaafuu, lammiileen Itoophiyaa ala jiran bu'aa teknoloji faayidaalee baay'ee qaban erganii dhibicha salphisuun biyyaaf

birmachuu barbaachisa. Anis biyya hanga libsuu ijaatiifillee hindaganneef hojjechuuf dhufeera.

Bariisaa: Teknolojiin isin kalaqan maal jedhama? Faayidaansaa hoo akkamitti ibsama?

Doktar Sa'id: Teknolojiin koo "Apparoota Osmaan" (Osmaanappers)" jedhama. Teknolojichi faayidaalee hedduu kan qabu yoo ta'u, tokko indooskoppikii yeroo wal'aansa baqaqsanii hodhuu lafee dugdaa kan qusatuudha. Inni kaan ammoo oggaa dhibbantaadhaan safaramu yeroo harka 70 hanga 80 kan qusatuudha. Dhukkubsaticha dafee hadoochaa keessaa akka dammaqu isa taasisa.

Akaakuun wal'aansaa kun akka dhukkubsatichi guyyuma oppiraasiyoonii itti ta'etti gara manasaatti akka geggeeffamuuf carraa kennee sireen wal'aanamaa biraatiif akka gadilakkifamu kan taasisuudha. Maatii dhukkubsatitafis gammachuu kan uumuudha. Wal'aansichi guutamaa, si'aayaafi kunuunsa kan of keessaa qabu ta'uun adda isa taasisa.

Faayidaan biraa kalaqichaa pirotokoliin wal'aansaasaa anaatomikii sirriidhaan, 'MRI' irratti kan hundaa'e yoo ta'u, haala lafee dugdaa addaan baasuudhaan dhukkubsatichi guyyaa jalqabaarraa kaasee akka pirotokolii wal'aansaa hordofu kan taasisuudhas. Maallaqa kan qusatuufi haala qindoomina qabuun kan hojjetamu waan ta'eef carraa hojii uumuufi turizimii wal'aansaatiif haala mijataa uuma.

Yoo hojmaanni kun Itoophiyaa keessatti hojiirra oole baay'oonni lixaafi baharraa wal'aansaaf gara Itoophiyaatti akka yaa'an taasisa. Kun ammoo turizimii wal'aansaa qofaaf otoo hintaane dameelee turizimii biyyattii dadammaqsuudhaan waan guddaa gumaacha. Dinagdee hirphuufis ni gargaara.

Wal'aansi Indooskoppikii lafee dugdaa kun wal'aanamtootaaf wal'aansa kennuudhaan ogeessoonni wal'aansa lafee dugdaa, dhiyeesitooni qoricha bayyanachiisoo, teraappistoonni, narsoonnifi kkf wiirtuu leenjii ta'ee tajaajila. Kana malees jaarmyaalee saatalaayitii Itoophiyaafi guutummaa Afrikaatti argamaniif wiirtuu tajaajila kunuunsa lafee dugdaa ta'a.

Wiirtuu ogeessoonni fayyaa Afrikaatti argaman hedduun gaaffiilee dhiyaataniifiif deebii ittikennaniidha. Waajjirasaa muummee Finfinnee taasifatees waldaan teknolojiwwan lafee dugdaa Afrikaa akka hundaa'uufis kan gargaaruudha.

Kanaaf waanti karoorfame kun akka dhugoomuuf waadaan abbaa koofi biyya kootiif itti hojiirra oolchu akka ta'uuf hundi keessan na gargaaraa.

Bariisaa: Xumurarratti yoo ergaa qabaattan?

Doktar Sa'id: Yaada koo kanarratti lammiileen Itoophiyaa ala jiran akka qooda fudhatanin barbaada. Hayyoonni baay'een ala bahanii baratani dhufu. Bakka deemanitti teknolojiwwan baay'een akka jiran ni beeku. Ofiifis ni uumu.

Oggaa gara biyyasaanii dhufan garuu waantonni baay'een hordofuu qaban akka jiru hinhubatan. Akka waan teknolojiin marti faayidaa qabeessa ta'eetti; garuu amalli teknoloji akka biyya itti arganiifi itti uumameetti adda adda. Oggaa gara biyya keenyaatti fiduu yaadnu dursinee kan hubachuu qabnu kana.

Biyya jaalachuun daran barbaachisaadha. Teknoloji fiduunis gocha gaariidha.

Garuu, asirratti waantota lama hubachuu qabna. Tokkoffaan amala teknolojiichaa hubachuufi akka haala biyya keenyaatiif ta'u hubachuudha.

Lammaffaan cinaacha cimaa teknolojiichaa addaan baasuudhaan aadaa biyya keessaatiin mil'achuu barbaachisa.

Aadaa, duudhaafi haala teessuma lafaa akkasumas dhimmoota biyyaa adda adda keessa galchuunis dirqama. Ija amalootasaaniitiin sirreessanii fudhachuufi hojiirra oolchuun ni danda'ama. Kun ta'uu baannaan ammoo amalasa addaan baasanii qabachuudhaan haala biyyattiif mijatuun deebisanii uumuunis ni danda'ama.

Anis oggaan hojii kalaqaa koo biyya kootti hojiirra oolchuuf yaadu kana yaada keessa galchuudhani. Yoo akkana ta'e teknolojichi haaluma fidneen faayidaa qabeessa ta'a.

Hundi keenya Itoophiyaan Sa'ud Arabiyaa ykn Ameerikaa akkan hintaane beekuu qabna. Biyya waantota bu'uuraa hedduu barbaadduudha. Kanaafuu, teknoloji haala kanaan mil'atanii fiduu barbaachisa. Filannoon koofi kan fakkaattota kootii haala kanaan kan mil'atame natti fakkaata.

Rakkoolee bu'uuraa biyya keenyaa keessaa tokko wal'aansa ta'uu eenyuyyuu ni beeka. Kanaafuu, teknoloji yeroo, humnaafi maallaqa qusatu haala Itoophiyaa madaaluun sirreessee fidee dhufeera. Kanin waadaa koo gochatti jijjiiru oggaan kana raawwadheedha. Kanaaf warri kaanis kanuma gochuu qabun jedha. uumu.

Oggaa gara biyyasaanii dhufan garuu waantonni baay'een hordofuu qaban akka jiru hinhubatan. Akka waan teknolojiin marti faayidaa qabeessa ta'eetti; garuu amalli teknoloji akka biyya itti arganiifi itti uumameetti adda adda. Oggaa gara biyya keenyaatti fiduu yaadnu dursinee kan hubachuu qabnu kana.

Biyya jaalachuun daran barbaachisaadha. Teknoloji fiduunis gocha gaariidha. Garuu, asirratti waantota lama hubachuu qabna. Tokkoffaan amala teknolojiichaa hubachuufi akka haala biyya keenyaatiif ta'u hubachuudha.

Lammaffaan cinaacha cimaa teknolojiichaa addaan baasuudhaan aadaa biyya keessaatiin mil'achuu barbaachisa.

Aadaa, duudhaafi haala teessuma lafaa akkasumas dhimmoota biyyaa adda adda keessa galchuunis dirqama. Ija amalootasaaniitiin sirreessanii fudhachuufi hojiirra oolchuun ni danda'ama. Kun ta'uu baannaan ammoo amalasa addaan baasanii qabachuudhaan haala biyyattiif mijatuun deebisanii uumuunis ni danda'ama.

Anis oggaan hojii kalaqaa koo biyya kootti hojiirra oolchuuf yaadu kana yaada keessa galchuudhani. Yoo akkana ta'e teknolojichi haaluma fidneen faayidaa qabeessa ta'a.

Hundi keenya Itoophiyaan Sa'ud Arabiyaa ykn Ameerikaa akkan hintaane beekuu qabna. Biyya waantota bu'uuraa hedduu barbaadduudha. Kanaafuu, teknoloji haala kanaan mil'atanii fiduu barbaachisa. Filannoon koofi kan fakkaattota kootii haala kanaan kan mil'atame natti fakkaata.

Rakkoolee bu'uuraa biyya keenyaa keessaa tokko wal'aansa ta'uu eenyuyyuu ni beeka. Kanaafuu, teknoloji yeroo, humnaafi maallaqa qusatu haala Itoophiyaa madaaluun sirreessee fidee dhufeera. Kanin waadaa koo gochatti jijjiiru oggaan kana raawwadheedha. Kanaaf warri kaanis kanuma gochuu qabun jedha.

Ilaamee...

Faayidaafi sodaa rooba ganna baranaa

Natsaannat Taaddasaatiin

Tibbi gannaa amma keessa jirru yeroo kutaaleen Itoophiyaa garagaraa itti rooba guddaa idileefi idileen olii argataniifi qonnaan bulaan sanyii facaafatuudha. Roobni gannaa kun omishaafi omishtummaa qonnaaf daran barbaachisaa ta'us lolaan rooba idileen olii hordofee dhufu ammoo balaa guddaa qaqqabsiisuu danda'a jedhamee sodaatama.

Roobni tibba gannaa kana roobu faayidaa guddaa akkuma qabu hamma eegamuu ol yoo ta'e ammoo miidhaa dhaqqabsiisuu danda'a. Tibba gannaa kana kutaalee biyyattii garagaraatti roobni hanga barbaadamu ol roobaa waan jiruuf lolaanis dabalaa jira. Lolaan rooba gannaa idileen olii hordofee qaqqabaa jiru omishaafi omishtummaa miidhuurra darbee lubbuu namaafi qabeenyarraan balaa geessisuu waan danda'uuf of eeggannoo gochuun barbaachisaadha.

Miidhaa sababa rooba cimaafi lolaatiin qaqqabuu danda'u dursanii ittisuuf hawaasni of eeggannoo barbaachisu taasisuu qaba. Roobni gannaa omishaafi omishtummaa qonnaaf daran murteessaa akkuma ta'e, hanga barbaadamuun ol yoo ta'e ammoo miidhaa guddaa qaqqabsiisuu waan danda'uuf keessumaa hawaasni naannawaa lolaan itti hammaatu jiraatu of eeggannoo duraa taasisuu akka qabu Inistiitiyuutiin Meetirooloojii Biyyaaleessaa Itoophiyaa hubachiiseera.

Kutaaleen biyyattii garagaraa ganna kana rooba idileefi idileen olii argachuu waan danda'aniif balaa lolaafi sigigaachuu lafaa rooba idileen olii hordofanii qaqqabuu danda'an irraa bararamuuf of eeggannoo duraa taasisuun barbaachisaa ta'uu Daariktara Ittaanaan inistiitiyuutichaa Doktor Asaaminawu Tashoomaa turtii torban kana 'EBC' waliin taasisanii hubachiisaniiru.

Barana haalli qilleensaa roobni akka uumamuuf mijatu waan jiruuf keessumaa kutaaleen walakkeessa biyyattii gara lixaa (Godinaaleen Tigraayyi Amaaraa Lixaa, Beenishaangul Gumuz, Oromiyaa Lixaafi Itoophiyaa Kibba Lixa) rooba gannaa idileefi idileen olii argachuu danda'u. Hangi rooba ganna baranaa walakkeessa Hagayyaarraa eegalee hir'achaa kan dhufu ta'uus eeraniiru.

Kutaaleen biyyattii garagaraa Waxabajjii



darberraa eegalani rooba hanga roobaa idileefi idileen olii argachaa jiraachuu himanii, roobni kun hojii qonna gannaaf haala mijataa uumeera, lageeniifi hidhawwan gara garaa akka guutan taasisuudhaan hojii misooma jallisiifi eegumsa naannawaatiif haala mijataa uumeera. Rooba idileen olii hordofuudhaan balaan lolaafi sigigaachuun lafaa uumamuu waan danda'uuf dursanii of eeggannoo barbaachisu taasisuun barbaachisaa ta'uus yaadachiisaniiru.

Sadarkaa biyyaatti iddoowwan garagaraa (Sulula Abbayyaa, Awaash, Omoofi Sululli Qinxamaa) balaa lolaatiif saaxilamuu danda'u jedhamanii kanneen adda bahan ta'uu himanii, rooba gannaa kana hordofuun lolaan sululawwan kunneen keessa waan ciisuuf keessumaa magaalota sululoota kunneenitti argamanitti hojii bo'oo lolaa qulqulleessuufi of eeggannoo duraa taasisuu bal'inaan raawwatamuu akka qabu hubachiisaniiru.

Inistiitiyuutichi erga hundaa'ee kaasee raaga haala jijjiirama qilleessaa guyyaa guyyaa, yeroo gabaabaafi dheeraa kennaa jiraachuu himanii, inistiitiyuutichi bara 1981 irraa eegalee ragaa lafaafi saatalaayitiirraa walitti qabatu qindeessuudhaan odeeffannoo haala jijjiirama qilleensaafi roobaa qaamolee gara garaaf kennaa jiraachuu himaniiru.

Inistiitiyuutichi waqtiilee afran (Birraa,



Bona, Arfaasaafi Gannaa) irratti hundaa'uun ji'a tokko dursee haala jijjiirama qilleensaafi roobaarratti odeeffannoo kennaa jiraachuu himanii, haala jijjiirama qilleensaafi rooba ganna kana ilaalchisuudhaan Caamsaa darbe bakka qaamoleen dhimmichi ilaallatu adda addaa argamanitti odeeffannoon barbaachisu kenneera.

Raaga jijjiirama haala qilleensaafi rooba ganna baranaa ilaalchisuun dursee kennameen kutaalee kaaba baha biyyattii (Godinaalee Tigraay Kibba, Godinaalee Amaaraa Bahaa, Naannoo Affaariifi rooba idileefi idileen gadii kan argatan yoo ta'u, kutaaleen walakkeessa biyyattii gara lixaa (Godinaaleen Tigraay fi Amaaraa Lixaa, Beenishaangul Gumuz, Gaambeellaa, Oromiyaa Lixaafi Itoophiyaa

Kibba Lixa) rooba idileefi idileen olii argachuu akka danda'an inistiitiyuutichi dursee odeeffannoo raaga haala jijjiirama qilleensaafi roobaa ganna baranaa kennuu himaniiru.

Roobni gannaa hanga rooba waggaa biyyattiin argattu keessaa %85 kan qabatu ta'uu himanii, hojii qonna bal'inaan kan adeemsifamu tibba gannaa kana waan ta'eef rooba kanatti haalaan fayyadamuun barbaachisaa ta'uus eeraniiru. Roobni gannaa lageen akka guutan taasisuudhaan dhiyeessa bishaanii mirkaneessuu, hidhawwan akka guutaniifi humna elektirikii gahaa akka maddisiisan taasisuufi hojii misooma jallisii milkeessuu keessatti gumaacha guddaa kan qabu ta'uus eeraniiru.

Argannoo Odiitii baranaatiin qarshiin biiliyoona 7.4 deebi'e

Manni Hojii Odiitara Muummichaa Oromiyaa dandeettii raawwachiisummaa Odiitarootaa cimsuuf leenjiin guyyoota sadiif kennaa ture dheengadda xumurameera.

Odiitara Ittaanaa mana hojichaa Obbo Tolasaa Abboomaa saganticharratti akka jedhanitti, manni hojichaa uwwisaafi qulqullina tajaajila odiitii guddisuun horataaleen mootummaa kaayyoo taa'eef qofa akka oolu taasisuuf hojjetaa jira.

Odiitari muummichaa hojii ittifufiinsaati hojjetu keessatti gabaasa odiitii Caffee Oromiyaatiif dhiyeessuun iftoominaafi ittigaafatamummaan akka dagaaguuf tajaajila walabaafi wayitaawaa taasisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jiraachuu himanii,

horataaleen mootummaa naannichaa faayidaa ummataatiif qofa akka oolu gochuun raawwiin manneen hojii mootummaafi dhaabbilee misoomaarratti odiitii gaggeessuun bu'aasaa ifoomsuurratti hojii bal'aan hojjetamaa jiraachuu eeraniiru.

Leenjichi hojiiin odiitii qulqullinaan akka raawwatuufi gabaafamu taasisuuf akka galteetti kan gargaaru ta'uu himanii, yaadaafi qeeqa ka'u fudhachuun hojiitti hiikaa deemuunis barbaachisaa ta'uu himaniiru. Hojii odiitii keessatti beekani, hubatanii waldeeggaraa deemuun daran murteessaadha. Hordoffii taasisameenis argannoo odiitii baranaatiin qarshiin biiliyoona 7.4 deebi'uu himaniiru jechuun Biiron Kominikeeshinii Oromiyaa gabaaseera.



Hirmaattota leenjichaa keessaa

AADAIFI AARTII

Argannoowwan haaraa seenaa aartii dhagaarraafi fakkiwwan holqoota keessaa

Kutaa 2ffaa

Aartiin kun tarii waggoota kuma 10 oliin dura boca bineensotaa gurguddaan kan jalqabe ta'uu hin oolu, qorattoonni muraasni naannoo bara 5000 DhKD. Bocawwan jalqabaa kun, gaarreen Giddugaleessa Sahaaraa keessatti kan daangeffaman yoo ta'u, karaawwan adda addaatiin Early Hunter, 'Early Wild Animal', ykn Bubalus art' jedhamuun beekamu.

Fakkiwwan jalqabaa, aartii Mataa Geengoo jedhamuun kan beekaman, 'Tassilin Ajjir'fi gaarreen Akakus keessatti kan daangeffaman yoo ta'u, irra caalaa nama kan agarsiisaniidha. Lakkoofsa piroofaayilii keessatti, bineensota bosonaa tokko tokkoof tarii, loon manaas akkasuma. Fakkiwwan kunniin DhKD bara 6000-8000 gidduutti kan yaadaman yoo ta'u, addunyaa dhugaa hintaanee fi hafuura kan ibsan fakkaatu.

DhKD bara 5000fi jireenya tiksee fudhachuu booda fakkiwwan aartii 'Bovidian, Pastoral, ykn Cattle' jedhamanii ramadaman ni mul'atu. Loon, hooloonni, re'oonniifi sareen darbee darbee bineensota bosonaarratti olaantummaa kan qaban yoo ta'u, kophaa isaaniifi mul'ata dhiiraafi dubartoota hirmaachisuun kan agarsiifamaniidha.

Mul'atni adamsuu baay'ee kan mul'atu yoo ta'u, aartiin kun hojiiwwan duraaniirra fakkeenya akka ifa hin taanetu mul'ata. Gara waggaa 3,000 dura fardeen, sibiilonniifi barreeffamni erga jalqabamee booda bineensonni bosonaa fakkeeffaman haala gogiinsaaf madaqan kanneen akka satawwaa, guchiifi bineensota nama nyaatan qofa kan hammatuudha.

Qubeen Berber durii (*ancient Berber script*) kan hindubbifame fakkiwwaniifi bocawwan lamatu keessatti mul'ata. Waan dhiironni uffatan, eeboofi billaa darbachuu qaban waanuma barame ta'a, jechuun ni danda'ama. Marsaan dhuma, 'Gaalaa' (ykn bara 'Farda/Gala' Ennedi keessatti), 'Camel' (or 'Horse/Camel' period in Ennedi), caalaatti fakkiwwaniifi boca gaalaafi fardeen, kanneen yeroo baay'ee yaabbatamaniifi 'antelope' tokko tokko of keessatti qabata.

Marsaan kun fakkii dubartootaa hinqabu. Naannawawwan baay'eetti duudhaan fakkii aartii dhagaa bocuu waggoota 1,000 dura Islaamummaan seenuusaatiin dhaabate. Aartiin jalqabaa uumamaan amantiifi fakkeenya kan ture yoo ta'u, ilaalcha addunyaafi ejjennoo namoonni ishee keessatti qaban kan ibsu ta'uu hinoolu jechuun ni danda'ama.

Aartiin Tiksee akkaataa jireenyaafi barbaachisummaa horii kan calaqqisu ta'uun ifa ta'us, baay'eensaa hiika fakkeenya qabaachus ni danda'a. Fakkeenyaaf, fakkiin Satawwaa hiika fakkeenya adda addaa kan akka rooba, dhala namaafi safuu wajjin walqabatu, akkasumas bineensicha ofisaatii salphaatti kan argisiisu ta'uu danda'a; loon mallattoo barbaachisummaa hawaasummaa, sirna darbiinsaa, firummaa ykn abbummaa ta'uu mala.

Boca yaada aangoofi olaantummaa dhiiraa ibsuu danda'a. Waggoota darban keessatti



aartii dhagaa Sahaaraarratti barreeffamoonni fakkii gaarii qaban hedduun, afaanota adda addaatiin, kanneen akka Faransaayi, Ingiliffa, Ispen, Jarmanii, Xaaliyaaniifi Poortugaal dabalatee ni jiru. Haata'u malee, barreeffamoota baay'ee dhihoo ta'an qofatu ammayyuu maxxanfamaa jira.

Ummattoota hedduu, Aartii Dhagaa hedduu, akka bakka aartiin itti jalqabametti, hambaan aartii dhagaa keenya dhuguma hamba guutuu Afrikaa keessatti nu tokkoomsuudha. Gareewwan aadaafi afaanii Afrikaa keessa jiran hundi jechuun ni danda'ama yeroo tokkotti bakka tokkotti aartii dhagaa kan hojjetan yoo ta'u, duudhaan tokko tokkoomsaanii adda ta'efi namni tokko fagootti yoo duubatti deebi'e hundisaanii hundee waloo kan qaban fakkaatu.

Kanaaf aartiin dhagaa mallattoo badhaadhinaafi garaagarummaa Afrikaa akkasumas hidda dhaloota ishee waliiniifi tokkoomsuudha. Aartiin dhagaa uumamaan cimaafi yeroo dheeraa kan turuudha. Yoo kunuunfame, gammachuufi faayidaa keenyaaf waggoota kuma hedduuf ni jiraata.

Yoo eeguu baanne waggoota muraasa qofa keessatti ni diigamu. Aartiin dhagaa keenya seenaa bu'aa aadaa Afrikaa keessatti argamu kan waggoota kumaatama lakkoofsa hinqabne duubatti deebinee akka yaadannu waan nu taasisuuf kunuunsuu qabna.

Saayitii argannoowwan haaraa

Barreeffamni/Barruun/ argannoo iddoo seenaa duraa fakkii holqaafi aartii dhagaa qabu, Oromiyaa bahaa godinaalee Harargee Bahaafi lixaa, Godina Booranaa, Godina Gujii Lixaa, Baale Bahaafi Wallagga Bahaatti argamu ilaala.

Fakkiwwan dhagaa holqaa baay'een dallaasaaniiratti kan eegaman yoo ta'u, loon, re'ee, gaala, arbaa, leenca, harree diidoo, qeerransa, gadamsa, borofa, guchii, bofa, nama, farda, satawwaa, geeboogoo, mallattoo ji'a bakka bu'u; halluu fayyadaman, golgaa adda addaa adii, diimaa, gurraacha, magaala, burtukaanaafi keelloo dabalatee.

Fakkiin dhiiraa 'anthropomorphic' bakka bu'a, akkasumas walbira qabamuu akkaataa qofa tilmaama keessa galchuun, lakkoofsi kan walxaxaa kanaa irra caalaansaa dhuma

bara kuma sadaffaa DhKDFi waggaa kuma lammaffaa DhKD gidduutti kan argamu ta'uu danda'a. Odeeffannoon dabalataa kuufama Arkiyooloojii dhagaa keessa ciisu qotuudhaan argamuu danda'a.

- **Bakka fakkii kaasuu** Daataan kiroonostiraatigiraafii guutummaatti waan dhabameef walmadaalchisuufi hariiroon iddoo fakkiwwan dhagaafi naannolee Itoophiyaa biroo aartii (rupestrian art) waliin taasifamuu danda'a.

Amala istaayilistikii bakka bu'iinsa bocameefi dibameen ilaalu qofaan ta'uu mala. Fakkiwwan dhagaarratti, akkasumas naannolee Afrikaa biroo hedduu aartii seenaa duraa qaban keessatti, fakkiwwan baay'inaan mul'atan lama jiru: bakka bu'iinsa looniifi mallattoolee; fakkii dhagaarratti fakkiin namaa yeroo tokko qofa kan mul'atu yoo ta'u, bakka bu'iinsa sangaa wajjin walitti hidhamiinsa cimaa qaba.

Afrikaa Bahaatti tartiiba yeroo aartii tiksee akkaataa fakkiwwan baay'ee babal'atanirratti hundaa'a jechuun ni danda'ama. Innis bakka bu'iinsa looniiti. Naannawa sanatti mul'achuun aartii dhagaa seenaa duraa boodaa amala addaa fakkaata.

Habashaa-Arabiya jedhamuun beekamuun kan beekamu yoo ta'u, kunis kaarentii aartii kan baay'inaan Giddugaleessa Arabaa, Ertiraa, Itoophiyaafi, hamma xiqqaa ta'een, Afrikaa Kaabaa gidduutti babal'ate.

Akka amala aartii sanaatti, loon yeroo hunda goba horii malee kan kaafaman, miila fuulduraa tokkoofi miilasaanii duubaa tokko qofa bakka bu'ee piroofaayilii keessatti kan mul'atan yoo ta'u, mataansaani akka waan gubbaadhaa mul'atanitti gaanfa guguddaa sararaan kan mul'atudha.

Geengoon fannoo keessasaa jiru kan biraa baay'inaan bal'inaan kan mul'atu yoo ta'u, babal'ina teessuma lafaafi tartiiba yeroo barbaachisaa ta'e qaba: Akka, Sudaan keessatti DhKD bara 7,000 irraa eegalee argachuu dandeenya.

Awurooppaatti mallattoon sun bara Niyoolitikiirraa eegalee waaqeffannaa Aduu wajjin kan walqabatu yoo ta'u, fakkiwwan fakkeenya walfakkaatan dhooftuu suphee

'Nubian C-Group' keessatti adda baafamuu danda'u.

Bara ammayyaatti mallattoon walfakkaataan kan maqaa itti moggaasuuf ittifayyadamaniidha jechuudha. Mallattoolee arkiyooloojii guutummaatti waan dhabamaniif, fakkiwwan holqootaafi aartii dhagaa Oromiyaa tartiiba yerootiin hanga ammaatti odeeffannoon ittifayyadamuu danda'amu, amaloota loon bakka bu'uu keessatti fayyadaman qofa.

Amaloonni sun sadarkaa jalqabaa akkaataa Habashaa-Arabiya keessatti akka gaariitti hammatamuu danda'u. Kunis yeroo dhuma bara 3ffaa guutummaa waggaa kuma 2ffaa DhKD yeroon tartiiba yerootiin kan yaadamu walitti dhufeenya akkaataa (style affinities) walitti qabama meeshaalee aadaafi aartii Garee C Nubiyaa wajjini. Kanaaf fakkiwwan dhagaarratti bocaman yeroo walfakkaataa akka ta'an murteessuu dandeenya.

Walumaagalatti, naannoon Oromiyaa seenaa duraa haaraan kun, DhKD waggoota kuma darban keessatti aartiin naannoo Itoophiyaa keessatti dagaaguusaa ragaa dabalataa bakka bu'a; bakka bu'iinsi loon baay'inaan mul'atu bineensonni sun ilaalcha dhalattoota irra caalaa horsiistota turan keessatti gahee bu'uura qaban agarsiisa.

Iddoon sun beekumsa keenya zoonii Itoophiyaa bahaa argannoo iddoo seenaa duraa fakkii holqaafi aartii dhagaa qabu, Oromiyaa bahaa godinaalee Harargee bahaafi lixaa, Godina Booranaa, Godina Gujii Lixaa, Baale Bahaafi Wallagga bahaa keessatti argamu kan hanga ammaatti gama hundaan hinargamne, hanga arkiyooloojii ilaalchisee qabnu ni badhaasa.

Kana malees, qo'annoo arkiyooloojii gochuudhaan Oromiyaan bu'aa aadaafi tartiiba yeroo gatii guddaa qabu kan qaawwa seenaa duraa dhiyeenya Afrikaa Bahaa ilaallatu guutuuf barbaachisaa ta'e nuu kennuu akka dandeessu hinshakkisiisu. Qaawwa bu'uuraatiin ragaa arkiyooloojii gadhee nu harka jirurraa kan ka'eedha.

*Naasir Ahmadiin (qorataa holqaa)
Ittifufa*

Qarreefi Qeerroo

Girmaa Mokonnon: Injinara moosaajii harka maleessa

Saamraawit Girmaatiin

Yeroo baay'ee ganama gaafan hojiif deemu konkolaataa sarviisii waajjira koo otoo hintaane kan dhaabbata biraattin fayyadama. Konkolaataa kana kanin fayyadamuuf namoota dhaabbaticha keessa hojjetan waliin ogumma walfakkaataarratti bobbaanee waan jirruuf hojiiratti walbeekna. Haala kanaan ergan yeroo muraasaaf isaan waliin deemu eegalee as nama waa'eensaa baay'ee na dingu tokkon arge.

Namni kun harka lama hinqabu. Ergan guyyoota muraasaaf argee booda namoota konkolaaticha keessaa itti dhihaadhu maal akka ta'e gaafadhe. Isaanis hojjetaa dhaabbata ani sarviisaa fayyadamuu kana ta'uufi injinara sooftiweerii ta'uu natti himan. Hanga sammuu amaanu dadhabuttiin yaade. Akkamitti harka lama malee hojii akkanaa hojjeta? Inni jedhu gaaffii deebii hinarganne natti ta'e. Namoota harka lama qabaatanii hojii hiikan ykn karaarra taa'anii kadhatan yaadeen cimina mucichaa keessakootti dinqisiifadhe.

Mee yaadaa, harka lama malee ganama ka'anii uffata uffachuu, fuula dhiqachuu, nyaachuu, dhuguu, balbala bananii cufuu, mana fincaanii deemu, bilbila fayyadamuu, geejibaan deemu, kompiwutara tuttuquufi kanneen biroo raawwachuun hammam akka ulfaatu.

Gaaffiileen akkamitti danda'e, isa hinrakkisuu laata jedhaniifi kanneen biroo sammuu keessa deedebe'anii na rakkisnaan mucaa kanatti dhihaadhee dubbisuuf murteesse. Ittis dhihaadhee waa'ee jireenyasaarratti akkan gaafdeebii taasisuufi barbaaduun ibseef, innis tole jedhee bilbilasaa naa kenne.

Guyyoota muraasa booda bilbileen beellameen. Utuun isa hinargiin dura garuu namoota waa'eesaa dhugaa naa ba'uu danda'an keessaa bilbila maatii keessaa kan nama tokkoo akka naa kennu gaafannaan "Isallee argachuu hindandeessu" naan jedhe. Maal jechuusaati, baadiyyaa jiru jechuudha jedheen tole jedhee bilbila koo cufe.

Guyyaa beellama keenyaa, bakka beellama keenyaa dursee kan ga'e isa. Yommuun achi ga'u waanin argu amanuun dadhabe. Dargaggoon kun miilasaatiin buna qabatee dhugaa na eege. Anis nagaa gaafadhee fuuldurasaa taa'ee buna ajajadhee ija dinqisifannaatiin ilaalaa waliin haasaa eegale.

Abbaan seenaa kanaa Girmaa Mokonnon jedhama. Dhalatee kan guddate Magaalaa Gondaritti. Harkasaa lamaan kan dhabe dhalootumaan ta'uufi waggaa sadaffaasaarraa kaasee dhaabbata guddisa daa'immanii keessatti guddachuu natti himeHaadha, abbaa, obboleessa, obboleettiifi firootasaa kan hinbeekne ta'uufi akkamiin gara moora guddisa daa'immanii akka dhufellee akka hinbeekne natti hime; anis keessakootti utuun waa'eesaa hinbeekiin bilbila maatii kee keessaa kan nama tokkoo naa kenni ittiin jechuukootti nan gadde.

Moora sana keessatti yommuu guddatus qoollifannaa namoota malee akkuma barattoota qaama guutuu qaban birootti jaalalaan guddachuusaafi guyyaa tokkollee harka dhabuunsaa itti dhaga'amee akka hinbeekne kan himu dargaggoon kun,



yaadee hinbeeku. Yunivarsiitiittis yommuu dareedhaa ba'e hanga ta'e hiriyyootasaa waliin erga taphatee booda irbaata nyaatee takka boqoteetu keessumaa galgala sa'aatii 3:00-7:00tti qo'ata.

Girmaan akkuma nama kamuu waa hunda ofiin raawwatachuu danda'a; miillisaa akkuma harkaatti isa tajaajila. Fuulaafi dhaqna dhiqatee, wayyaa uffatee, kophee kaa'atee, mana cufatee yookaan banatee, ciree nyaatee kan hojiisaa guyyuu hojjetatu miilumasaatiini. Yommuu inni taateewwan garagaraa miilasaatiin raawwatu namoonni argan ija dinqisifannaan ilaalanii kan deggaruuf ka'aan akkuma jiran kan isa qollifatanii irraa dheessanis jiraachuu dubbata. Yommuu taaksiidhaan deemu qarshii kanfaluuf waan rakkatuuf gargaaraa/raddaatiin konkolaataatiin ofiikee fudhu jedhan.

Waajjira amma jiru Dhaabbata miidiyaa 'EBC'tti kan mindeeffame eeruu namaatiin ta'uu kan himu 'software engineer' kun, erga gara sana dhufee yeroo gabaabaa ta'ullee garee isa waliin hojjetan wajjin sagantaawwan haaraa akka hojjetaa jiran ibsa. Hoggansiifi hojjettoonni dhaabbatichaa baay'een hamilee cimaa kennuufiin waan guddaa akka irraa eegan kaasa. Fuuldurattis teknoloojii addunyaan kun irra geessetti fayyadamuun sooftiweerii dhaabbatasarraa darbee biyya tajaajilu hojjechuuf yaadaa akka qabu ibsa.

"Ani Waaqni waa anatti hanqiseera jedhee hin yaadu. Wayita ammaa teknoloojiwwan baay'een jireenya kan namaa salphisaniidha. Kanaaf hamman lubbuudhaan jirutti waa natti ulfaata jedhee yaaduu hinqabu. Harka lama dhabuukootiin walqabatee kana gochuun dadhabe jedhee yeroon gadde hinqabu. Garuu jireenyakoo keessatti wanti natti ulfaata jiru bakka jireenyaati. Bakki ani kireeffadhee jiraadhu naannawaansallee mijataa miti. Keessumaa mana fincaanii fayyadamuun waan na rakkisuuf waajjiratti yookiin mana nyaataatin fayyadamee gala. Qaamni kana naa mijeessu utuu jiraatee natti tola" jedha.

Namni qaama guutuu qabus ta'e miidhamaa

qaamaa ta'e filannoo naannawaasaa jiru ilaaluun of danda'u malee harka namaa eeggachuufi kadhachuun yeroosaa akkanumaan gubuu hinqabu kan jedhu Girmaan, araada keessa seenanii jireenyasaanii balleessuurra kaayyoo osoo qabaatanii gaarii ta'u gorsa. Miidhamtoonni qaamaas waan irratti uumame abaarsa yookiin Waaqatu natti gadde jedhanii waan furmaata hinqabnetti rakkoo ofirratti dheeressuu akka hinbarbaachisnes ni dhaama.

Hiriyyaa Girmaa kan ta'ee waliin kan jiraatan Dargaggoon Bawuqatuu Xilaahuun kan walbeekan barattoota yunivarsiitii waggaa tokkooffaa irraa eegalee ta'uu kaasee, Girmaan yoo rakkoon addaddaa isa mudatellee akka salphaatti ilaaluun furmaata itti kennee bira darba malee hamileen isaa tuqamee abdi kutachuu waan jedhamu hinbeeku. Akkaataa inni wantootaaf furmaata itti kennu, obsisaa nama biraaf illee fakkeenya kan ta'udha jedha.

"Harka dhabuun hammam ulfaataa akka ta'e yaadimee. Hiixatee fuudhuu, qaqqabdee adda baasuu, cabsatee gurshachuu, buufatee dhuguufi hojii addaddaa kan hojjetu harka keetiin ta'ee osoo jiru, inni garuu guyyaa tokkollee kanneen hunda taasisuun dadhabe jedhee yommuu aaru ykn gaddu argee hinbeeku. Yeroo tokko tokko anii gaafan aaree waa dubbadhu isatu na gorsa. Yeroo sana anis na'een of tasgabbeessa" jedha.

"Yeroo boqonnaa kooti ana waliin bakka garagaraa deemnee waan inni barbaadu raawwannaaf. Gaafan bira hinjiraannee inni qofaasaa deemu garuu wantoonni addaddaa akka isa mudatan natti hima. Isaanin illee akka boqonnaa jireenyaatti fudhatee haaluma salphaadhaan ilaalee darba.

Jecha inni guyyaa tokko naan jedhe yoomillee hindagadhu. Waaqni maal sitti hir'ise jedhee gaafannaaniin "Lakki Waaqayyo waan addaa naa kenne malee waan natti hir'ise hinqabu" naan jedhe yoomillee sammuu keessa jira" jedha.

Miidhamtoonni qaamaa baay'ee barattoota saayinsii hawaasaa yoo ta'an, inni garuu akaakuu barnootaa sammuu harka caalaatti barbaadu barachuun isaa ciminasaa kan mul'isu ta'uu himee, ittigaafatama fudhate kamittiyyuu of kennee nama hojjetudha..

Girmaadhaaf wanti qorumsa guddaa ta'e mana jireenya ta'uu kan himu hiriyyaansaa kun, yeroo kanatti mana fincaanii fayyadamuu barbaadee haalli mijachuufi didee yommuu dhiisu, dhaqna dhiqachuu yaadee gaafa dhiisu argee guyyaa baay'ee bo'uuf jedhee deebifachuu ibsa.

"Anaafi inni akka obboleessa, obboleetti, haadha, abbaa, haadha manaafi mucaatti. Akkasaana taatee waldeggartee utuma jiraatuullee dhiibbaafi qollifannana kireessitoota manaarraa nurra ga'u ulfaataadha. Yeroo baay'ee waan namni harka lama qabu akka waan innis gochuu danda'uutti yaadani jechoota isaan dubbatan hamilee nama tuqa. Kanarraa kan ka'e yeroo baay'ee gadi ba'ee bashannanuufaa hinbarbaadu. Mana nyaataa deemee nyaata ajajatee nyaachuufaa ni dhiphata" jedha.

Girmaan fakkeenya guddaa isaa ta'uus eere isarraa miidhamtoota qaamaa qofa osoo hintaane namni kamuu waan guddaa akka irraa baratu dubbata.



Girmaan akkuma nama kamuu waa hunda ofiin raawwatachuu danda'a; miillisaa akkuma harkaatti isa tajaajila. Fuulaafi dhaqna dhiqatee, wayyaa uffatee, kophee kaa'atee, mana cufatee yookaan banatee, ciree nyaatee kan hojiisaa guyyuu hojjetatu miilumasaatiini



ijoollee waliin barates hanga yoonaallee akka walii bilbilan ibsa.

Barnootasaattis barataa sadarkaa giddugaleessaa akka ture dubbata. Haala kanaan barnootasaa sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa erga xumuree bara 2011 qabxii seensa yunivarsiitii isa galchu waan argateef gara Yunivarsiitii Finfinnee, mooraa Araat Kiiloo dhufe. Jalqaba akaakuu barnootaa injinariingii kan isa qaqqabe ta'us qaama dhimmi ilaallatuutti iyyatee gara Saayinsii Kompiwutaraatti jijjiirrachuu dubbata.

"Fakkeenya jireenyakoo Nikoolaas Jamsi; kan miila lamaafi harka hinqabne sana. Seenaasaa ijoolummaakoorraa kaaseen beeka. Anis yommuun guddadhu akkasaa ta'u malee waanin barbaadu tokkollee hinqabuun ture. Guyyaa tokkollee rakkinakoo namarraa waa fudhadhee nan ba'adha jedhee yaadee hinbeeku" jedha.

Akka inni jedhutti, yommuu baratullee barnootasaa hanga danda'e hordofee hojjeta malee namni akka isa gargaaru

ODUU



Obbo Saamu'eel Halaalaa

Itoophiyaan maashinoota aara industirii lakkaa'an fayyadamuu eegalte

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Itoophiyaan faalama qilleensaa industiriiwaniin uumamu hir'isuuf maashinoota aara industirii keessaa bahu lakkaa'uuf gargaaran alaa galchuun fayyadamuu eegaluu Ministeerri Industirii beeksise.

Ministeerichatti Gaggeessaan Hojii Pirojektii Raawwachiisa Seektara Jijjiirrama Qilleensaa Obbo Saamu'eel Halaalaa ibsa dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, ministeerichi industiriiwaniin biyyattiitti argaman akaakuu galteewwan fayyadamanii, hamma anniisaa fayyadamanii qisaasama adda baasuun hojii dhiibba faalama qilleensaa hir'isuuf hojjechaa jira.

Faalama qilleensaa industiriiwaniin uumamuu ittisuuf hamma qilleensa gubataa industiriiwaniin gadilakkisan lakkaa'uuf ministeerichi maashinoota garagaraa 14 deeggarsa Gamtaa Awurooppaatiin bitee faayidaarra oolchaa jiraachuu eeraniiru.

Itoophiyaan maashinoota kanneen fayyadamuun rakkoo idiladdunyaa kan ta'e ho'a hir'isuu keessatti gaheeshii taphachaa jiraachuus himanii, akaakuuwan anniisaafi galteewwan industiriiwaniin ittifayyadaman adda baasuun hojiin hojjetamu olaanaadha jedhan. Milkaa'ina hojichaatiifis ogeessota biyya keessaafi alaa 120 leenjisuufi gahoomsuun danda'amu dubbataniiru.

Industiriiwaniin misooma magariisaatiif xiyyeeffannoo addaa akka hojjetaniif kallattiin kennamuus kan eeran Obbo Saamu'eel, "Faalama qilleensaa ittisuun kan danda'amu qilleensaa gubata gadilakkifamu hir'isuu qofaan osoo hintaane, oksijiiniin qilleensa gubataa liqimsu dacheerratti akka argamu gochuudhaan waan ta'eef misooma magariisaa misooma industirii faana walitti hidhuun barbaachisaadha" jedhan.

Gujiitti waldaaleen albuuda warqii baasuurratti gurmaa'an warqii kiilogiraamii 185 Baankii Biyyaaleessaatiif dhiyeessan

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Godinni Gujii akaakuuwan albuuda gara garaa 32 ol kan qabdu yoo ta'u, kana keessaa waldaaleen seeraan gurmaa'an 173 barana warqii kiilogiraamii 185 Baankii Biyyaaleessaatiif dhiyeessuun ibsame.

Hogganaan Waajjira Misooma Albuuda godinichaa Obbo Nageessoo Waaqoo ibsa addatti torban darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin, godinichi albuuda warqii akaakuuwan albuuda garagaraan kan badhaadheedha jedhan. Dhaabbilee gurguddoon sadarkaa idil addunyaatti beekaman godinichatti hojii misooma albuudaarratti bobba'anii hojjechaa jiru. Kana malees, waldaaleen biyya keessaa 173 albuuda akaakuu garaagaraa baasuurratti bobba'anii jiru hojjechaa jiru.

Waldaaleen albuuda warqii baasuurratti hirmaatan bara bajataa 2015tti warqii kiilogiraamii 185 baankii biyyaaleessaafi kan dhiyeessan ta'uu himanii, hangi warqii dhiyaate kun qabeenya warqii godinichi qabu waliin yoo madaalamu baay'ee gadaanaadha. Maashinota ammayyaa fayyadamuu dhabuun, deeggarsi gama mootummaan taasifamu gahaa ta'uu dhabuufi rakkoon nageenyaa sababoota



Albuuda warqii

omishaafi omishtummaa warqii akka xiqqaatu kan taasisan ta'uus eeraniiru.

Waldaaleen albuuda warqii baasuurratti bobba'an hanqina maashinootarraa kan ka'e abbootii qabeenyaa garaagaraa waliin sharikaan hojjechaa jiraachuu himaniiru.

Riifoormiin damee albuudaarratti eegalame hawaasa naannawaa fayyadamaa taasisuuf seeronniifi dambiiwwan gara garaa akka bocaman taasiseera. Damicharratti namoota kuma 10 oliif carraan hojii uumamuus eeraniiru.

Yeroo ammaa hojii albuuda akaakuu gara garaa baasuu haala hawaasa fayyadamaa taasisuufi naannawaarratti miidhaa hingeessifneen adeemsifamaa jiraachuu himanii, alseerummaa damee albuudaa keessatti mul'atu maqsuuf karaa qindaa'een qooda fudhattoota waliin tarkaanfileen garaagaraa fudhatamaa jiraatanis ammas taanaan hojiiileen alseerummaa waan mul'ataniif qindoominaan irratti hojjechuun barbaachisaa ta'uu dubbataniiru.

Inistitiyuutichi sanyiiwwan midhaanii omishtummaa dabalani 17 qorannoon argate


Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Sanyiiwwan midhaanii omishtummaa dabalani 17 qorannoon argachuu Inistitiyuutiin Qorannoo Qonnaa Oromiyaa beeksise.

Daarektarri Olaanaan inistitiyuutichaa Obbo Tashoomaa Boggaalaa ibsa addatti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, inistitiyuutichi qorannoo saayinsawaa taasisuun sanyiiwwan midhaanii omishtummaa dabalani dhamaatii waggoota hedduu booda itti milkaa'uufi sanyiiwwan haaraan argaman kunneenis omishaafi omishtummaa qonnaa dabaluu kan abdatamanidha.

Kana malees, inistitiyuutichi akaakuu sanyii nyaata beeyladaa tokko qorannoo taasisaa tureen kan argate ta'uu ibsanii, sanyiiwwan midhaanii argaman omishtummaansaanii sanyiiwwan kanaan dura turan irraa dhibbantaa 12 hanga 47tti caalmaa kan qaban, haala qilleensaafi agiroo ikoolojii garagaraa waliin kan walsimaniifi dhibeewwan kan dandamatan ta'uu himu.

Sanyiiwwan kunneenis Koree Mirkaneessa Sanyii Filatamaa Biyyaaleessaan madaalamuun ulaagaalee barbaachisan hunda guutuun sadarkaa biyyaaleessaati fudhatamummaa argachuusaanii eeru.



Obbo Tashoomaa Boggaalaa

Akka ibsasaaniitti, sanyiiwwan qorannoon argamanis midhaan biilaafi agadaa sagal, midhaan dheedhiifi dibataa saddeet yoo ta'an Giddugaleessota Qorannoo Qonnaa Sinaanaa, Baakkoo, Booree, Haroosabbuu, Machaaraa, Fadiisifi Adaamii Tulluutiin kan argamaniidha. Kanneenis sirna sanyii naannoo Oromiyaa keessa galchuuf inistitiyuutichi xiyyeeffannaan hojjechaa jira.

Qorannoon sanyiiwwan kanneenii waggoota shanii hanga kudhanii fudhachuu kan himan Obbo Tashoomaan, sanyiiwwanii hanga kanaa waggaa tokkotti gadi lakkisuun milkaa'ina guddaa ta'uufi kanaafis muuxannoon biyyoota garagaraafi tumsi qooda fudhattootaan taasifamaa jiru shoora olaanaa qabaachuu himaniiru.

Oromiyaatti ijaarsi manneen barnootaa idilee duraa 600 eegalame

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Sosochii sagantaa fooyya'iinsa manneen barnootaan ijaarsi manneen barnootaa idilee duraa 600 eegalamuu Biirron Barnoota Oromiyaa beeksise. Manneen barnoota naannichaa dhibbantaa 86 ol sadarkaasaanii kan eeggatan akka hintaanes ibsameera.

Hogganaa ittaanaan biirichaa Obbo Girmaa Baay'isaa ibsa addatti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin sochii manneen barnootaa fooyyessuuf taasifamaa jiruun baadiyyaa Oromiyaa guutuu keessatti ijaarsi manneen barnootaa idilee duraa 600 eegalamuu eeraniiru. Ijaarsi kutaa dabalataa manneen barnootaa sadarkaa Iffaa 405fi bishaan galchuus jalqabameera.

Naannichatti manneen barnootaa sadarkaa Iffaa sadarkaa gad ta'uus himanii, sadarkaa manneen barnootaa kanneenii fooyyessuuf hojiin bal'inaan eegalamuus dubbataniiru.

Sochii fooyya'iinsa manneen barnootaa kana milkeessuufis akkuma kanaan duraa hirmaannaan miseensota Caffee kutalee hawaasaa garaagaraa murteessaa waan ta'eef qooda fudhattoonni manneen barnootaafi abbootiin qabeenyaa akka tumsan waamicha taasisaniiru.

Kanaan dura hirmaanna hawaasaatiin dareewwan barnootaa kuma 35 ol dabalataan yeroo muraasa keessatti ijaaramuun ni yaadatama.

ODUU

Naannolee lamaafi bulchiinsa magaalaa tokkotti calalliin hirmaattoti marii biyyaalessaa taasifame

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Naannolee Sidaamaa, Harariifi Bulchiisa Magaalaa Dirre Dhawaatti calalliin hirmaattota marii biyyaalessaa xumuramuu Komishiniin Marii Biyyaalessaa beeksise. Sassaabbiin yaadota ajandaa marii biyyaalessaaf ka'umsa ta'an adeemsifamaa jiraachuunis ibsameera.

Komishinari Komishinii Marii Biyyaalessa Doktor Yoonaas Adeeyi addatti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, Komishinichi hojii hirmaattota marii biyyaalessaa calaluu hanga ammaatti hojjeten kan naannolee Sidaamaa, Harariifi Bulchiisa Magaalaa Dirre Dhawaa xumureera.

Mootummaa Naannoo Gambeellaafi Beenishaangul Gumuzitti leenjiin qaamota deeggarsa taasisanii waan xumuraameef hojii hirmaattota addaa baasuu akkuma sagantaa taa'ee jiruutti baatii Adoolessaa keessa eegala. Dargaggoota, dubartoota, abbootii amantaa waliigalaan kutaalee hawaasaa sagal hirmaachisuun tokkoon tokkoon aanaaleerra hirmaattota 500 hanga



Doktor Yoonaas Adeeyi

550tti hirmaachisuun namoota lama lama akka adda ba'an ni taasifama jedhaniiru.

Naannolee Oromiyaa, Affaar, Sumaaleefi Tigraayitti yeroo ittaanu keessatti hojii hirmaattota adda baasuu akka eegalamu himanii; naannoo

Tigraayitti qaamaan argamanii hojii eegaluuf bulchiinsa yeroo naannichaa xalayaan gaafatanii deebii eeggachaa akka jiran ibsaniiru. Komishinichatti Qindeessituun Kominikeeshiniifi Miidiyaa Aadde Beetalihem Kiroos gamasaaniin, Komishinichi hojii hanga ammaatti raawwateen

naannolee tokko tokkotti guutummaan guutuutti xumuramuufi gariin ammoo xumuramaa jira jedhaniiru.

Haaluma kanaan, naannoo Sidaamaatti namoota kuma 22 dhiyaatan keessaa hirmaattota 830, Haraariitti namoota kuma 4fi 50 keessaa 405, Bulchiinsa Magaalaa Dirree Dhawaatti namoota kuma 5fi 400 keessaa 540 adda ba'uun calalliin wayita xumuramu Ummattoota Itoophiyaa Kibba Dhihaatti gariin kan hinxumuramne ta'uu himaniiru.

Aanaalee 46 hojiin adda baasuu xumurametti hirmaattotni 828 adda ba'uu eeranii; aanaalee 57nitti gaafa xumuramu namoota kuma 26 himaatan keessaa hirmaattotni kuma tokkoofi 540 akka filataman dubbataniiru.

Haga ammaatti hojii hirmaattota adda baasuu raawwatameen namoota sadarkaa naannootti marii biyyaalessaarratti hirmaatan kuma 2fi 603 adda ba'aniiru.

Hawaasa diyaaspooraafi namoota caasaa alidilee keessa jiran hirmaachisuun marii biyyaalessaa bu'aaqabeessa taasisuuf hojjechuun kallattii xiyyeeffannoo komishinichaa ittaanu ta'uus hubachiisaniiru.

"Itoophiyaafi Ruusiyaan..."

Vilaadmiir Putiinis Itoophiyaanota kuma 20 ol teknolojiifi ogummaa garagaraan leenjisa turuu eeranii; ammas taanaan damee aviyeeshinii, teknoloji odeeffannoo, daldalaa, dhimmoota biyyoota lameeniifi idiladdunyaa biroorratti Itoophiyaa waliin kan hojjetan ta'uu mirkaneessaniiru. Nageenya Itoophiyaa waareessuufis waldhabbi mudate furuuf mariin nageenyaa fala ta'uus ejjennoo biyyisaanii calaqqisiisaa turte ibsaniiru.

Yaa'iin Afrikaa-Ruusiya kun olaantummaa biyyoota Lixaa cabsuuf miseensota gamtaa Biraazil, Ruusiya, Indiyaa, Chaayinaafi Afrikaa Kibbaa (BRICS) babal'isuurrattis kan xiyyeeffateedha.

Akkuma, siyaasni gaaddidduudha jedhamu hundeeffamni gamtaa BRICS dhiyoo ta'us biyyoota hedduu mooraa warra Lixaa keessaa yaasaa jira. Biyyootni miseensa gamtichaa ta'an sochii roga maraa Afrikaatti taasisaa jiraniifi falaasama walqixxummaa, obbolommaafi fayyadamummaa waloo hordofaniin biyyoota Afrikaa hedduun simatamaa jiru.

Deggarsa miidhaan nyaataa warra Lixaatti bishaan naquuf Pirezidaanti Putiin biyyoota Afrikaa jaha jechuunis Burkinafaasoo, Zimbaabuwee, Maalii, Somaaliyaa, Rippabilikii Afrikaa Giddugalaafi Eertiraaf midhaan toonii 25 hanga 50 bilisaan dhiyeessuuf waadaa galan. Deggersi kun michummaa Afrikaa cimsuun ala

midhaan Yuukireenirraa addunyaaf geejibamu bakka bu'uun Ruusiyaan waraana Yuukireen waliin taasisu deggersa Afrikaanota argachuuf akka ta'es miidiyaaleen addunyaa hedduun xiinxalaa jiru. Kunis Afrikaan hanga ammaatti gama lameeniinuu loogii malee ilaaluurraa kan hafe ejjennoo qabatte waan hinjirreefi.

Gabaa bilisaa biyyootni Lixaa akka kaardii tapha kubbaa miilaa halluu diimaa, keelloofi magariisaatti biyyoota Afrikaatti argisiisan taphaa ala gochuuf gamtaan BRICS gabaa bilisaa filatamaan as ba'uuf qophii xumureera. Gama damee investmentiifi ijaarsa bu'uraalee misoomaatiin gamtichi biyyoota Lixaa ardii Afrikaa keessaa daguugee baasuuf qophii jabaa taasisaa jira.

Yaa'iin BRICS baatii Hagayyaa biyya miseensa gamtichaa taate Afrikaa Kibbaatti taasifama. Pirezidaantiin Afrikaa Kibbaa siriyaal Raamafoosaan "Kanaan booda warra biyyoofi awwaaraa meeshaalee dheedhii waliin Afriikaarraa fudhatanii Afrikaatti baacan osoo hintaane meeshaalee dhumeeyyii ardittiirraa bitan waliin socho'uun dirqama" jechuun warra Lixaatiif ergaa xalayaa gaggeessituu fakkaatu dabarsaniiru.

Haala amma jiruunuu Chaayinaa qofti meeshaalee dhumeeyyii Afriikaarraa bittuun doolaara biliyoona 300 yommuu baafuu, daldalli Ruusiyaan Afrikaa waliin taasisu doolaara biliyoona 18 ga'eera.



Daawwannaa omisha ruuzii Iluu Abbaaboor

Omisha ruuzii wabii nyaataa...

Akka Oromiyaatti bara kana lafa hektaara miliyoona tokkorraa ruuzii omishuuf karoora qabameen hanga ammaatti lafti hektaarii kuma 700 ol omishamuufi kan hafes xumuraa jiraachuu eeranii, keessattuu potenshaala Oromiyaan Lixaa qabutti fayyadamuun ruuzii biyya alaatti erguuf hojjechaa jiraachuu ibsaniiru.

Akkasaan jedhanitti, haala qilleensaa baramaa jijjiiramaa jiruufi baay'ina ummataa dabalaa jiruun walqabatee maraammartoo hiyyummaa keessaa ba'uuf inisheetiivii haaraa bocaman waliin tarkaanfachuun barbaachisaadha. Baay'inni, qulqullinni, ariitiifi qusannaan dhimmoota ijoo gara daandii badhaadhinaa akka ta'anis dhaamaniiru.

Kanaan dura Buunnoo Baddalleetti omishni ruuzii kan hinbaratamne ta'us kaka'umsa mootummaa naannoo Oromiyaatiin bara 2014 lafa hektaara 32 qotamerra callaan kuntaalli miliyoona 1.5 argamuunsaa

fedhii qonnaan bulaan ruuziif qabu daran olkaasusaa kan himan ammoo Bulchaa godinichaa Obbo Amaan Danuuti.

Akka isaan jedhanitti, omishtummaa ruuzii hektaara tokkoorraa callaa kuntaala 68 argachuun danda'ameera. Bu'uuruma kanaan bara kana lafa hektaara kuma 114 irraa ruuzii omishuuf karoorfamee lafa hektaara kuma 126 omishuun callaa kuntaala miliyoona ja'aa ol argachuuf karoorfatanii hojiitti jiru. Maashinootni ruuzii calleessan 15 bitamanii qonnaan bultoota bira ga'aniiru.

Haaluma walfakkaatuun qixa sirriin omishnaa godinni Iluu Abbaaboor qofti fedhii Itoophiyaan ruuziif qabdu guutuun alatti erguufuu pootenshaala guddaa qabdi kan jedhan ammoo Bulchaa godinichaa kan ta'an Obbo Indaalkaachoo Tafariiti. Bara kana qofa godinichatti lafa hektaara kuma 127 irraa ruuzii omishuun callaan kuntaala miliyoona 6.1 akka argamus dabalataan ibsaniiru.



BARIISAA



“Kumaalaa Abbabaa Biqilaa faaya biyyi ittiin boontudha”

- Abiyyi Ahmad (PhD)

Saamraawit Girmaatiin

Finfinnee: Fiigicha fageenya dheeraatiin kennaa uumamaa akka qabu kan dubbatamuf Kumaalaa Abbabaa Biqilaa atileetoota Itoophiyaa dinqisiisoofta jaalatamoo Itoophiyaan horatte keessaa isa tokko. Abbabaan ALA bara 1960 dorgommii maaraatoonii Olompikii Roomitti adeemsifameen miila duwwaa fiigee tokkoffaa ba'uun riikardii cabsee seenaa galmeesseera. Dorgommicharratti atileetiin gurraacha warqee argate ta'uun maqaansaa sadarkaa idil addunyaatti beekameera.

Waggaa afur boodas fiigicha maaraatoonii Olompikii Tokiyootti tokkoffaa ba'uudhaan dorgommichaan atileetii jalqabaa walitti

aansuun maaraatoonii injifate jedhamee riikardiisaa eegsifatee injifateera.

Atileetiin cimaa kun yeroo tokko “addunyaan akka beeku kanin barbaadu waltajjii olompikiiratti biyyikoo kan injifattu yeroo mara gootummaafi xiiqqidhaani” jechuun ibseera.

Ministirri Muummee Itoophiyaa Abiyyi Ahmad (PhD) tibbana biyya Xaaliyaanii, magaalaa Roomitti yeroo argaman yaadannoo Kumaalaa Abbabaa Biqilaaf yaadannoo ka'aniiru. Isaanis fuula feesbuukiisaaniiratti “Kumaalaa Abbabaa Biqilaa faaya biyyi ittiin boontudha. Waltajjii idil addunyaarratti maqaa Itoophiyaa barootaaf kan kaasiseefi atileetii qaalii Afrikaanota hedduuf daandii saaqedha. Fakkeenya ciminaafi harka kennuu diduuti. Biyya Xaaliyaanii



Roomitti sirni yaadannoo wayita taasifametti

Magaalaa Roomitti daandii maqaasaatiin yaadannoo isaaf keenyeerra” jechuun moggaafame qaba. Har'a bakka sanatti ibsaniiru.

Yunivarsiitiin Arsii Atileet Qananiisaa Baqqalaaf doktireetii kabajaa kenne

Natsaannat Taaddasaatiin

Atileet Qananiisaa Baqqalaa ALA Waxabajjii 13, bara 1982 Naannoo Oromiyaa, Godina Arsii, naannawa Magaalaa Boqojiitti dhalate. Boqojiin iddoo dhaloota atileetota bebbeekamoo kanneen akka ijoollee Dibaabaa (Ijjigaayyoo, Xirunash, Ganzabee) fi Adaadaasaanii Atileet Gargaartuu Komiishinaraa Daraartuu Tulluuti.

Qananiisaan bara dorgommii waggaa 16 keessatti dorgommiiwwan biyyoolessaa 170 irratti kan hirmaate yoo ta'u, dorgommii fiigicha meetira kuma shaniiratti yeroo 56, meetira kuma sadiiratti yeroo 37, meetira kuma kudhanii tiraakiiratti yeroo 19, maaraatooniiiratti yeroo 10, fiigicha meetira kuma kudhanii daandiiratti si'a ja'a, meetira kuma lamaarratti si'a shan, meetira kuma tokkoofi 500 irratti yeroo afur, kiiloo meetira 15 irratti yeroo sadii, walakkaa maaraatooniiiratti yeroo lamaafi fiigicha maayila tokkoorratti al kudhan hirmaateera.

Atileet Qananiisaan dorgommiiwwan Olompikii, qaxxaamura biyyaa, Shaampiyoonaa Atileetiksii Addunyaa, Taphawwan Guutuu Afriikaafi Shaampiyoonaa Atileetiksii Afrikaarratti Itoophiyaa bakka bu'uudhaan medaaliyaa warqii 26, meetii sadii, nahaasa lama waliigalatti medaaliyaawwan 31 argamsiiseera.

Atileet Qananiisaan bara 2004 irraa kaasee fiigicha meetira kuma shaniin, bara 2005 irraa eegalee ammoo fiigicha meetira kuma 10n hanga bara 2020tti rikordii addunyaa



qabatee ture. Atileetiin kun bara 2003 hanga 2011tti dorgommii fiigicha kuma 10tiin mo'amee hinbeeku. Atileetiin kun Shaampiyoonaa Atileetiksii Addunyaa bara 2009 irratti fiigicha meetira kuma shaniifi kuma 10nii irratti hirmaachuun tokkoffaa ba'eera.

Atileet Qananiisaan dorgommii maaraatoonii Beerliin Bara 2019 sa'aatii 2:01:41n xumuruun riikoordii Addunyaa

lammaffaa qabatee jira. Riikoordii Maaraatoonii Addunyaa sa'aatii 2:01:39n qabatee kan jiru Atileetii Keeniyaa Eliyuud Kipchoogee dha.

Yunivarsiitiin Arsii sirna eebba marsaa 9ffaa torban har'aa adeemsifamerratti Atileet Qananiisaa Baqqalaaf doktireetii kabajaa kenneera. Atileet Qananiisaan bu'aa olaanaa damee atileetiksiiiratti galmeessiseefi gumaacha sadarkaa biyyaa, ardiifi

addunyaatti taasiseen doktireetii kabajaa kana argachuu akka danda'e yunivarsiitichi beeksiseera.

Kanaan dura Gargaartuu Komiishinaraa Atileet Daraartuu Tulluu, Kumaalaa Hayilee Gabrasillaasee, Komaandar Xirunash Dibaabaafi Masarat Daffaar bu'aawwan damee atileetiksiiin galmeessisaniin yunivarsiitiwwan adda addaarraa doktireetii kabajaa argachuunsaniin ni yaadatama.